# Nabi Muhammad

(Sallallaahu Alayhi Wasallam)

## Macaafa Qulqulluu

## Keessatti

Qopheessaan:  Umar Arsii

Ingiliffa Irraa Kan Hiike: Abuu Yahyaa Amaan

2007

Mirgi Hiikkaa Afaan Oromiffaa
Maxxansiisaaf Seeraan Eeggamaa Dha

2007

Finfinnee, Itiyoophiyaa

Teessoon Qopheessaa:

E-mail: robumer.robe5@gmail.com

Maxxansaan Duraa Bitootessa, 2007

# Galata

Galataa fi faaruun Allaahaaf, Gooftaan ol'aanaa, Isa raajiiwwan waa'ee nabiyyicha keenya jaalatamoo (Sallallaahu Alayhi Wasallam)[1] himaman dubbistoota hundaaf akka korojoo tokko keessatti walitti sassaabuu fi qopheessu na taasise saniif haa ta'u.

Galata koo kan onnee irraa ta'e hayyoota muslimaa hundaaf, isaannan qorannoo gad fagoo godhuun waa'ee nabiyyicha keenya kabajamoo (Sallallaahu Alayhi Wasallam) Macaafa Qulqulluu keessaa ibsitoota baasuun nu bira geessan sanniiniif dhiheessuu ni jaalladha. Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa)[2] hojii isaanii isaan irraa akka jaalatuu fi hunduma isaaniituu akka jannataan isaan mindeessu Isa kadhadha.

Anis yommuu raajiiwwan kanniin walitti sassaabuu fi hiiku dogoggora uume kamiifuu akka araarama Isaa na badhaasu Gooftaa koo Allaaha ni kadhadha.

Erga kana dubbadheen booda, obboleewwan akka Wuhiib Abdul Waasi'i, Abdallaah Kuutee, Ibraahiim Mukhtaar, Hamzaa, Muhammad-Nuuri fi Abdul Qaadiir jiran, dhugumaan kitaaba kana qopheessuudhaaf isaan jara gargaarsa guddaa anaaf

---

[1] *"Sallallaahu Alayhi Wasallam"* kan jedhamu yommuu maqaan nabiyyicha keenya kabajamoo, nabi Muhammad ka'u yoo ta'u hiikkaan isaatis "Salawaataa fi Salaamanni (Nageenyi) Allaaha isa (nabiyyicha) irratti haa jiraatu" jechuu dha. Egaa yommuu maqaan isaanii tuqamu isaan irratti salawaataa fi salaamata buusuun muslima kamiiyyuu irratti dirqama.

[2] *"Subhaanahu Wata'aalaa"* kan jedhamu yommuu maqaan Allaaha, Gooftaa aalama maraa ka'u yoo ta'u hiikkaan isaatis "Inni (Allaahaan hanqina hunda irraa) qulqullaa'e, hundaa olis ta'e" jechuu dha.

godhan. Hojii gulaaluu kitaaba kanaa hojjechuu fi yeroo wixinee (draft) kitaaba kanaa eegalame irraa kaasee hamma qophiin isaa raawwatutti xiyyeffannaa isaanii kennuun shoora ol aanaa naaf gumaachaniif galata koo kan onnee irraa burqe ni dhiheessa.

Akkasumas keessattuu isaannan adeemsa maxxansaa kitaabichaa naaf hordofanii fi qindeessan, cinaan kitaabicha fiixaan gahuuf hojii gulaaluu irra deebi'anii hojjechuun kanneen cinaa kootiin dhaabatan obbolaa Muhammadi fi Abdul Hakiimiif galata ol aanaa dhiheessa.

Ammas galata koo kan addaa obboo Gammachuu Hiniikaa, Yunivarsitii Haroomaayaatti barsiisaa fi hiriyyaa koo isa durii, akkasumas yommuu barreeffamni kitaaba kanaa adeemsifamutti baratataa (Ph.D) kan tureef, yeroo isaa qabamaa keessaa sa'aatiiwwan fudhachuun kitaaba kana dubbisuu fi yaada isaa gumaachuun shoora naaf laateen galata nan dhiheessaaf.

Dhuma irrattis, kitaaba kana maxxansiisuuf obboleewwan, obboleettiiwwanii fi dhaabbattoota gargaarsa mallaqaatiin shoora naaf gumaachaniif galata koo kan addaa ni dhiheessa.

Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) nu hunda keenyaa gabroota Isaa filatamoo wajjiin jannata, biyya gammachuu yeroo maraa akka nu mindeessu Isa kadhadha. Allaahumma Aamiin!

Umar Arsii

2007

## Maqaa Allaahaatiin, Akkaan Mararfataa, Akkaan Gar-Laafessa Ta'een:

Galanni Gooftaa addunyaa maraa, Allaahaaf haa ta'u.

*"Galanni Isa samiiwwanii fi dachee uume, dukkanootaa fi ifnana godhe san, Allaahaaf haa ta'u; egasii isaannan ganan (waaqayyoolii) Gooftaa isaaniitiin walqixxeessu." (Al-An'aam 6:1-3)*

Faaruun Allaahaaf haa ta'u, Isa ilma hin qabne, kan mootummaa Isaatiin morkataa hin qabne, kan aangoon qoodamaa hin qabne, kan waaqeffannaan fakkaataa hin qabne saniif haa ta'u. Allaahaan alatti gabbaramaan biroo tokkos akka hin jirre ragaa baha.

*"Allaahaan illee ilma qaba jedhan, (kan jedhan irraa) qulqullaa'e, lakkii, samiiwwanii fi dachee keessa kan jiran hundinuu kan Isaati. Hundinuu Isaaf ajajamtoota." (2:116)*

Hoogganaan keenya Muhammadillee gabricha Allaahaati fi nabiyyii xumuraa, ergamaa Allaahaan qajeelfama sirriiti fi amantaan dhugaatiin erge ta'uu isaa ragaa baha.

*"Inni sun osoo qindeessitoonni jibbanuu kan ergamaa Isaa (Muhammadiin) daandii qajeelaa fi amantaa dhugaatiin akka amantaa hundaa olitti ifa godhuuf kan ergee dha." (At-Tawbaa 9:33)*

Nageenyi, mararfannaa fi barakaan Allaaha ergamaa Isaa irratti, maatiiwwanii fi hiriyyoota isaanii irratti haa jiraatu. Akkasumas nageenyi warra hanga guyyaa du'aa ka'uumsaatti haqaan isaan hordofan, isaannan dhugaa fi haqaan bulchan irratti haa jiraatu. Dhuma irrattis akka Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) hojii keenya nurraa qeebalu kadhadha.

# Baafata


Seensa....................................................................7
Warri Kitaabaa Dhugaa Dhoksuu Isaanii ....................................10
Nabiyyicha Waadaa.........................................................13
Nabiyyicha Muusee Fakkaatu ...............................................21
Amaanaa Arabaa Irratti Dubbatame ..........................................26
Gabricha Gooftaa (Isaayaas 42)............................................29
Kan Dhagahu Hundaa Ni Dubbata .............................................41
Amanamaa fi Dhugoomaa, Inni Eenyu? ........................................43
Makkaa Macaafa Qulqulluu Keessatti Beektuu? ...............................49
Makkaa Moo Xiyoon? (Isaayaas 60:1-22) .....................................51
Qiblaa Mafaaca Qulqulluu fi Qur'aanaan.....................................57
Qiblaaf Ragaalee Macaafa Qulqulluu.........................................62
Sirna Hajjii Islaamaa Macaafa Qulqulluun ..................................64
Ka'ibaa Macaafa Qulqulluu Keessatti .......................................71
Ati Hoo Isa Beektaa?.......................................................76
Odeeffannoowwan  Dhiheenya Kana Argaman ....................................89
Yaada Xumuraa..............................................................95
Kitaabota Wabii............................................................100

## Seensa

Galanni hundi Allaahaaf haa ta'u. Nageenyaa fi rahmanni Allaahaa Musxafaa irratti, maatiiwwan isaanii irratti, hiriyyoota isaanii irratti, akkasumas warreen hanga gaafa du'aa kaa'uumsaatti daandii isaanii hordofan hunda irratti haa jiraatu.

Barbaachisummaan nabiyyummaa Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ibsuu har'a gama islaama beeksiisuutiin qabxii murteessaa ta'aa jira. Macaafa Qulqulluu keessatti yeroo dheeraa dura ragaan tuqame haalli Muhammadin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) hanga maqaan tuquutti jaarraa 7ffaa keessatti ilmaan namaa hundaaf fayyinna ta'anii dhufuu isaaniitiin dhugu'oomfamee jira. Qur'aanni kabajamaanillee waa'ee amma ka'e kanaa akka isaannan namoota Macaafa Qulqulluu dubbisan gaafannu keewwata itti aanuun nu kakkasa:

*"Kanaaf yoo waan Nuti gara keetitti buufne irraa shakkii keessa jiraatte, isaan si dura kitaaba qara'aa turan gaafadhu. Dhugumatti, dhugaan Gooftaa kee irraa sitti dhufeera. Kanaaf warreen mamii keessa jiran irraa hin ta'in." (Al-Qur'aan 10:94)*

Egaa kitaabni kun ragaa dhokfame ummataaf ifa godha jedhamee ni abdatama. Hundumaa korojoo tokko keessa kaayuun dubbisaa maraaf ragaa amanamaa ni dhiheessa. Hayyoonni muslimaa hedduuwwan waa'ee nabiyyummaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkaataa adda addaa ibsuudhaan kitaabota adda addaa barreessaniiru. Kitaabni kun, ta'ullee kuufama kitaaba hundaa ta'uun ragaa madda irraa argame kennuun dhugaa barbaaddotaaf tajaajila isaa ni gumaacha. Kanaan cinatti, isaannan raajiiwwan nabiyyummaa

Macaafa Qulqulluu haala ragaan amansiisaan irratti hin dhihaatiniin isaannan karaa dogoggoraatiin hiikaniif deebii dansaa kenna. Kanaafuu, wanta girdoo duubaan jiru irratti xiyyeffannoo haa goonu!

Waa'ee nama hangafaa kana fuula jireenya dhugaa ilaalchoota hayyoota adda addaa isaannan logii irraa bilisa ta'an sanniiniin haala ol'aanaa ta'een dinqisiifannee jirra. Akkasumas kutaan kitaaba kanaa kan xumuraa ilaalchootaa fi ragaalee waa'ee isaanii irratti kennaman mata-duree "Ati Hoo Isa Beektaa?" jedhu jallatti hammatee jira. Hayyoonni kunniin nama kana hangafticha jechuudhaan isa faarsanii jiru, dhugaan kunis kan ta'eef isaan warra gara dhugaa fi beekkumsaa irkatanii fi haqa irra dhaabatan wanta turaniif.

Yommuu raajiiwwan waa'ee nabiyyummaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) qorannu jireenyaa fi galma ergamiinsa isaanii wajjiin walitti firoomsuudhaan haala qabatamaa isaanii ilaaluu ni yaalla. Waa'ee raajiiwwan nabiyyummaa Macaafa Qulqulluu isaannan dhaloota isaanii dura dubbatamanii fi dhufiinsa isaaniitiin raawwataman akka ragaalee walfiroomsaatti ragaa jiraataa (Al-Qur'aana) wajjiin walitti firoomsuudhaan qalbeeffannaan qoranna.

Kan biroo falmii kiristaanoonni raajiiwwan nabiyyummaa kanniin kanneen birootiif hiikan, osoo dhugaan ilaalcha isaanii irraa kan fagaate ta'ee jiruuf deebii ni kenna. Kanaafuu, isaan dhugaa hubatuuf akka gad fageenyaan itti yaadanii fi akka dubbisa qorannoo irratti hundaaye godhan yaada keenya isaaniif kennuu ni jaalanna.

Kiristaanoonni waa'ee nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) kan yaadaniin olitti Macaafa Qulqulluu keessatti raajiiwwan nabiyyummaa heddutu jira. Har'aan tana gaafiin kun muslimootaa fi kiristaanootaaf dhimma yaaddessaa fi wanta akkaan jarjarsaa ta'eera. Yommuu nuti Macaafni Qulqulluun "Waa'ee nabi Muhammad maal jedha?" jennee isaan gaafannu bifa faallaa ta'een akka deebisan shakkii tokkos hin qabu. Dubbiin akkuma mammaakichi jedhe: "wanta kamiyyuu dura, yoo ijji arguu dhabde, namni tokko onnee isaatiin ilaaluu qabaata."

Jireenya nama kamiyyuu keessatti mataa ofiitii olitti yeroon kaayyoo hangafaa ittiin dhugu'oomsan ni dhufa. Dhugaa barbaaduu fi lubbuu galma isheetiin gayuun beekkumsaan eegala. Nuti eenyu? Eessa irraayi dhufne? Akkasumas garam adeemaa jirra? Gaafiiwwan bu'uuraa kanniin namni kamuu faayidaa isaa kan hafuuraatiif (spiritual) jecha daandii qajeelaa barbaaduuf gaafachuu qaba.

"Wantootni hundinuu dhugaa fi mararfannaan onnee irraa kanneen raawwataman yoo ta'an, ilmaan namaa walmaanxiinsa har'aa irraa gadaddoon isaan irra hin gayuu ture. Lubbuun tamiiyyuu wantoota hundaa isaannan lubbuu qabanii fi isaannan lubbuu hin qabne wajjiin takka ta'uu ishee osoo beektee, isaan onnee isaanii bananii ija mararfannaatiin tokko kophee birootiin deema. Gochootni jeequmsaa fi dallansuu isaannan gochoota nagayaati fi gammachuutiin bakka buufamu. Nuti ummata tokko, kaayyoo tokkoof tokko kanneen taane, guddinaa fi jaalalli humna tokkommaati. Akkuma salphatti qabi."[3]

---

[3] Amon, Waxabajjii 21, 2003 A.L.A

## Warri Kitaabaa Dhugaa Dhoksuu Isaanii

Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) akkana jedha:

*"Yaa Ilmaan Israa'iil! Tola kiyya kan Ani isin irratti oole yaadadhaa. Waadaa kiyyas guutaa; Anis waadaa keessan ni guuta. Ana qofas sodaadhaa. Waan (Qur'aana) Ani buuse kan dhugo'oomsaa waan isin bira jiruu (tawraati fi wangeelii) ta'ettis amanaa. Jalqaba mama isatti kafarees hin ta'inaa. Keewwatoota kiyyaanis gatii xiqqoon hin bitatinaa; ammas Ana qofa sodaadha. Haqas kijibaan walitti hin makinaa; odoo beektanis dhugaa hin dhoksinaa." (Al-Qur'aan 2:40-42)*

Dhugaa dhokfame san hubatuuf, yommuu dhimma kana qorannu obsaa fi sammuu keessan kan logii irraa bilisa ta'e kabajaan ni gaafanna; sababni isaatis akka ilmaan isaanii kanneen dhiiraatti osoo beekan ilmaan Israa'eel waa'ee nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) dhugaa beekaa dhoksanii jiru.

Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) akkana jedha:

*"Warreen kitaaba isaanif kennine (yahuudotaa fi kiristaanonni) akka ilmaan isaanii beekanitti isa (nabi Muhammadiin) beeku. Garuu dhugumatti gareewwan isaan irraa ta'an gariin odoo beekan dhugaa dhoksan. Dhugaan (kun) Gooftaa kee irraa dhufe. Kanaaf warreen maman irraa hin ta'in." (Al-Qur'aan 2:146-147)*

Israa'eelonni nabiyyicha kabajamoo irraa fuula isaanii akka garagalchan kan isaan godhe qabxiin duraa fedhiin isaanii kan wantoota duniyaa (material needs) qaban irra caalaa guddachuu

isaa yoo ta'u hanga sadarkaa isaanii wanta kana irraa isaan sosochosu hin jirretti adeeman. Kan biroo hafee ajajni Gooftaa ol'aanaa illee isaan hin deebifne. Kanaafuu, fedhii mataa isaaniitiif gabricha ta'uuf gahan. Kana irraa kan ka'e Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) akkana jedha:

*"Dhugumatti, Nuti Muusaaf kitaaba kenniinee jirra; isa boodas ergamtoota walitti aansinee (erguun isatti) hordofsiifnee jirra. Iisaa ilma Maryamiifis mallattoowwan ifa ta'an kenninee jirra; Hafuura Qulqulluunis (Jibriilinis-AS) isa jajjabeessinee jirra. Sila isin yeroo ergamaan tokko waan lubbuun teessan hin feenen isinitti dhufe hunda ni boontuu? Akka kanaanis garii kijibsiiftanii jirtu; gariis ajjeeftanii jirtu." (Al-Qur'aan 2:87)*

*"Yaa warra kitaabaa! Ergamaan keenya kan irra heddu kitaabaa irraa isa isin dhoksaa turtan isiniif ibsuu fi baay'ee isaa immoo dhiifamaan irra isiniif darbu isiniif dhufeera. Dhugumatti, Rabbiin irraa nuura fi kitaaba ifa ta'etu isiniif dhufe. Rabbiin sanaan nama jaalala Isaa hordofe karaalee nagaa (isaan) qajeelcha. (Ammas isaan) dukkanoota irraa gara ifnanaatti hayyama Isaatin isaan baasa. (Isumaan) gara karaa sirrii ta'ees isaan qajeelcha." (Al-Qur'aan 5:15-16)*

Hadiisa Nu'imaan Ibnu Bashiir (Radiyallaahu Anhu)[4] odeessaniin nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkana jechuun isaanii gabaafameera:

---

[4] *"Radiyallaahu Anhu"* kan jedhamu yommuu maqaan sahaabotaa (hiriyyoota ergamaa) ka'u yoo ta'u hiikkaan isaatis "Allaahaan hojii isaa irraa haa jaalatu" jechuu dha.

*“Dhugumaan qaama keessa foon bicuun takka ni jirti; yommuu isheen balloofte qaamni guutuun ni ballaaya. Yoo isheen sirroofte qaamni guutuun ni sirraaya; dammaqaa! Isheenillee onnee dha.”*

Sadarkaa addunyaatti walqunnamtiin amantii jidduu jiru guddachuun isaa carraawwanii fi falmiiwwan heddu uumeera. Sababa kanaan yeroo tokko tokko sammuu qormaataa fi shakkiin tokko kan biro wajjiin waldhabu isa muudata. Waa’ee addunyaa dhugaa hubannoo dogoggoraa qabnu dhabamsiisuuf onnee irratti irkachuun nurra jiraata. Yoo kana goonu, waa’ee nabiyyii islaamaa kan dhugaa tokko taanee ilaalcha addunyaa kan dogoggoraa dhabamsiisuu ni dandeenya. Onnee qulqulluu fi sammuu gad fagoon jireenya kee kan amantaa keessatti dhiibbaa ol’aanaa fiduu ni dandeetta. Adeemsa akkanaatiin bilisummaan sirrii fi dogoggora jiddutti filachuun ni jira. Kana godhuun jireenya daangaa hin qabne argachuu ni dandeetta, dhugaa dha heeyyama Allaahaatiin.

Macaafa Qulqulluu keessatti yommuu ibsa waa’ee nabiyyii keenya kabajamoo (Sallallaahu Alayhi Wasallam) haasofnu, warroota kitaabaa wajjiin onnee guutuun marii godhuuf ragaa gahaa qabna; sababni isaatis dhugaawwan mirkanaayan muraasonni wanta jiraniif. Yommuu gaafii sadarkaa addunyaa kan jireenya yeroo maraa irraa eegallu nuti akka muslimootaatti isaaniif ragaalee mirkanaayan dhiheessuun beekkumsa gad fagoo isa hubannoo ilaalchaa uumaa ta’ee fayyadamuu qabna. Isa ilaacha warroota kitaabaa kan dogoggooraa san gara sirrii kan jijjiiru ta’e qabatamaan dhiheessuu qabna. Nuti waa’ee nabiyyii keenya kabajamaa (Sallallaahu Alayhi Wasallam) dhugaawwan Macaafa Qulqulluu keessa jiran qorachuu akka dandeenyu Qur’aana keessa akeekaa kanneen ta’an qabxiilee

raggaasisan ni qabna. Kanniin keessaa dhugaa dhaa muraastootni kanneen asi olitti caqasamanii dha.

Kanaafuu, asi olitti kanneen tuqamanii fi keewwattoota Qur'aanaa kanneen birootis akkaan qalbeeffachuun nabiyyii keenya kabajamoo (Sallallaahu Alayhi Wasallam) gama ibsitoota Macaafa Qulqulluutiin hiikuun barbaachisummaa bu'uraa qabu. Isaan dhugaa dhoksuuf hanga barbaadan carraaqqii godhuuf yoo yaalanii fi yoo ifaajan, ibsitootni kunniin seenaa, jireenya, akkaataa taa'uumsa lafaa, gochootaa fi namummaa/eenyummaa nabiyyii islaamaa kabajamoo (Sallallaahu Alayhi Wasallam) wajjiin kanneen akkaan walsimatanii fi isaaniin alatti seenaa ilmaan namaa keessatti nabiyyoota birootiif kanneen hin mallee dha. Kun kan muldhisu islaamummaan laabooraatoorii Macaafa Qulqulluu keessatti raggaasifamee kan mirkanaayee ta'uu isaa ti. Warri kitaabaa dhugaawwan kanniin kijibsiisuuf yoo uggan, kun kan muldhisu isaan kitaabaa dhuunfaa isaanii akka waan kijibsiisaniiti. Dhugaa dhoksuuf carraaqqiin isaanii ol'aanaan akkuma jirutti ta'ee, Macaafni Qulqulluun ergamaa Allaaha kan sadarkaa addunyaa, isa ilmaan namaa hundaa gara daandii qajeelaa hoogganuu kan danda'u baruumsa islaamummaa wajjiin odeeffannoo sirreessee walitti firoomsa.

## Nabiyyicha Waadaa

Dhugaan kun kan naanna'u nabi Ibraahiim (Alayhis Salaam)[5] fi ilma isaanii nabi Ismaa'eel (Alayhis Salaam) gaara Phaaraani fi Qedaaritti jecha waadaa isaaniif galame irratti. Xumura irrattillee dhugaan ibsa Yesusiitiin (Alayhis Salaam) kan

[5] *"Alayhis Salaam"* kan jedhamu yommuu maqaan nabiyyii kamiiyyuu ka'u yoo ta'e hiikkaan isaatis "nageenyi isa irratti haa jiraatu" jechuu dha.

qoratamuu fi kan xumaramu yoo ta'u kunis inni Israa'eelota abaaruun isaa kan muldhisu isaan mootummaa Rabbii hundeessuu akka dhoowwaman raajiin mirkanaayeera.

*"Kana irratti Yesus, 'isin caaffata qulqullaa'an keessaa, 'dhagichi mana ijaartuun tuffatan, inni dhagaa mataa golee qajeelchu ta'e; kun gocha gooftaa ti, ija keenyattis dinqii dha' kan jedhu takkaa hin dubbifnee ree?'" (Wangeela Maatewos 21:42)*

*"Egaa mootummaan Waaqayyoo isin irraa fudhatamee, saba ija isaaf godhatuuf akka kennamu isinittan hima. Dhagaa kana irratti kan kufu in caccaba, dhagichi nama irratti yoo kufe garuu isa in buruqsa' isaaniin jedhe." (Wangeela Maatewos 21:43-44)*

Kun kennaan nabiyyummaa Israa'eeloota irraa gara Ismaa'eelootaa akka cee'u akka muldhisu malaan yoo qabne maal ta'a? Dhugumaan kun malaa miti. Haa ta'u malee, dhugaan kana; inni sun sanyii Ismaa'eel irraan kan dhufe, addunyaaf akka dhagaacha rogaa ta'eera. Hadiisa miidhagaa itti aanuu irraa barachuu akka dandeenyutti innillee ifnana yeroo mara jiraatu. Abuu Hurayraan (Radiyallaahu Anhu) akka odeessanittii fi Bukhaarii fi Muslimni akka gabaasanitti nabiyyichi kabajamoon (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkana jedhaniiru:

*"Fakkeenyi kiyyaa fi anaan dura kanneen turan fakkeenyi nabiyyoota durii akkuma masaraa nama tokkoon ijaarameeti; akkaan dinqisiisaa fi miidhagaa yoo ta'u bilookeettii tokkoof kan ta'u qaawwa rogoota keessaa tokko ni dhiise. Namootni marsaa isaatiin darban akka miidhagina isaatiin dinqisiifaman isaan godhe. Maarree shakkii fi dinqisifannaan 'maaliif asitti bilookeettiin tokko*

*kaayamuu dide?' jechuudhaan gaafatu. (Yoo asi gahan) nabiyyichi kabajamoon (Sallallaahu Alayhi Wasallam): ani isa bilookeettii xumuraa san, akkasumas ani maandhaa/xumura nabiyyoota hundaa ti" jedhan.*

Odeeffannoowwan walbiratti raggaasisuun yoo qorannu dhugaa argachuu ni dandeenya. Jechi waadaa Abrahaamiif seename, sunillee Gooftaan ummata maraa sanyii isaaniitiin akka eebbisu kan dubbate raawwatame moo hin raawwatamne kan jedhu yoo qorannu gaafiin kun kan raawwatamu Israa'eelootaan moo Ismaa'eelootaan? jedhu kaasa. Maaliif? Waa'ee nabiyyii islaamaa (Sallallaahu Alayhi Wasallam) raajiiwwan Macaafa Qulqulluu sakkata'uuf yommuu yaallu dhugaa warra kitaabaan itti yaadamee dhokfame ifa baasuuf carraaqaa jirra.

Kiristaanoota irraa himannaa maqa-balleessaa 'Ismaa'eel ilma seeraan alaati,' wanta kana ta'eef illee inni abbaa isaa irraa nabiyyummaa dhaaluu hin danda'u kan jedhu dhagahuu hifannee jirra. Macaafni Qulqulluun illee himannaa sobaa kana hin deeggaru. Yesus illee (Alayhis Salaam) nabiyyummaan Israa'eeloota irraa fudhatamee kan birootiif dabarfamee akka kennamu raajiin dubbateera. Cee'umsa kana irratti yoo waliigalle jechi waadaa Abrahaamiif (Alayhis Salaam) seename akka raawwatamuuf jecha haala mirkaneeffameen gara Ismaa'eelootaa cee'uu qaba; maaliif yoo jedhame akka Macaafa Qulqulluutti Israa'eelootni ballaa'anii jiru.

*"Waa'ee Ishmaa'eliif immoo ani siif dhaga'eera; kunoo, isa nan eebbisa, akka inni horu, sonaanis akka inni baay'atu nan godha; inni gurguddoota biyyaa kudha lamaaf abbaa in ta'a; isas saba guddaa nan godha." (Seera Uumamaa 17:20)*

As ilaallaa! Abrahaam (Alayhis Salaam) ilma isaa kan hangafaa akka isaa eebbisuuf Rabbiin gaafateera; Rabbillee kadhaa isaa battalumatti dhagayeef jira.

*"Namni tokko haadha manaa lama qabaatee, ishee tokko jaallatee, ishee kaan immoo yoo jaallachuu dhaabaate, lachuun isaanii, isheen inni jaallatu, isheen inni hin jaallannes ijoollee godhataniifii, ilmi inni angafni immoo kan ishee inni hin jaallannee yoo ta'e, namichi sun gaafa ilmaan isaatiif dhaala hiru, angafummaa ilma isaa isa kan haadha manaa isaa ishee inni hin jaallanne sanaa ilmaa isaa isa kan ishee jaallatutti hin dabarsin! Inni ilma isa kan ishee hin jaallannee sanaaf qabeenya isaa hundumaa keessaa harka lama kennuudhaan angafummaa isaa haa beeksisuuf! Inni humna isaa isa jalqabaa waan ta'eef angafummaan kan isaa haa ta'u!" (Seera Keessa Deebii 21:15-17)*

Kiristaanootni Abrahaam (Alayhis Salaam) 'ilma seeraan alaa qaba' jedhanii yoo kan isa maqaa balleessan ta'e kun nabiyyicha Rabbii ti fi abbaa nabiyyoota hedduu arrabsuu ta'a. Isaannan Abrahaam (Alayhis Salaam) maqaa balleessan ilaalchisee Rabbiin illee isaan deebisee akka abaaru dubbateera. Haala walfakkaataa ta'een isaannan Abrahaamiin (Alayhis Salaam) faarsan Rabbiin illee isaan faarsa. Egaa, badii isaanii! Isaannan Abrahaamiin abaaran! Muslimootni isa hin abaaran. Inumaayyuu salaata kamiinuu booda nageenya armaan gadii isaa irratti buusuun qaama sirna waaqeffannaa isaanii ti.

*"Allaahumma salli alaa Muhammad wa alaa aala Muhammad kamaa sallayta alaa Ibraahiima wa alaa aala Ibraahiima fil aalamiina, innaka hamiidun majiid; Allaahumma baarik alaa Muhammad wa alaa aala*

*Muhammad, kamaa baarakta alaa Ibraahiima wa alaa aala Ibraahiima fil aalamiina, innaka hamiidun majiid."*

*"Yaa Allaaha! Muhammadi fi maatii Muhammad irratti nageenya buusi, akkuma Ibraahiimi fi maatii Ibraahiim irratti nageenya buufte hundaa, dhugumaan Ati galatoonfamaa, ol aanaa dha. Yaa Allaaha! Muhammadi fi maatii Muhammad irratti barakaa buusi, akkuma Ibraahiimi fi maatii Ibraahiim irratti barakaa buufte hundaa, dhugumaan Ati galatoonfamaa, ol aanaa dha."*

*"Warra si eebbisan nan eebbisa, warra si salphisan nan abaara, qomoon biyya lafaa irraa hundinuu sababii keetiif in eebbifamu' jedhe." (Seera Uumamaa 12:3)*

*"Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaaniitti hir'ateera." (Rom 3:23)*

Ibraahiimiin (Alayhis Salaam) arrabsuu isaaniitiin kiristaanootaaf badii isaanii! …

*"Gabroota keenya Ibraahiimin, Isihaaqinii fi Yaa'aquubin kan (ibaadaa irratti) abbootii ciminaa fi hubannoo (gadi fagoo) ta'anis yaadadhu. Dhugumatti, Nuti haala gaarii ganda (aakhiraa) yaadachuu isaanitiin isaan filanne. Isaanis nu biratti dhugumatti warreen filatamoo gaggaarii irraa ta'u. Ismaa'iliin, Yasa'a fi Zul-Kifliinis yaadadhu; hunduus warreen filatamoo irraayi." (Al-Qur'aan 38:45-48)*

*"Ati waan anaaf abboomamteef, sabni biyya lafaa irraa hundinuu sanyii keetiin in eebbifamu'." (Seera Uumamaa 22:18)*

Kiristaanootni raajiin kun dhufiinsa Yesusiitin (Alayhis Salaam) raawwatameera jechuudhaan falmatu. Haa ta'u malee, Macaafni Qulqulluun isaan hin deeggaru; sababni isaatis Yesus (Alayhis Salaam) ummattoota dachee irra turan hundaaf kan ergame hin turre.

*"Isaan kudha lamaan kana Yesus ergee, 'Karaa saba Waaqayyoo warra hin ta'initti isin geessu irra hin gorinaa, mandara warra Samaariyaa tokko illees hin lixinaa! Kanaa manna gara warra akka hoolotaa karaa irraa goranii mana Israa'elii badanii dhaqaa.'" (Wangeela Maatewos 10:5-6)*

*"(Yaa Muhammad!) Jedhi: 'Yaa ilma namaa! Dhugumatti, ani ergamaa Rabbii kan gara hunda keessaniitti ergame; (Rabbiin) Isa mootummaan samiiwwanii fi dachii kan Isaa ta'e. Isa malee gabbaramaan hin jiru. Inni ni jiraachisa; ni ajjeesas. Kanaaf Rabbii fi ergamaa Isaatti amanaa; (ergamaan Rabbiis) nabiyyii hin barreessinee fi hin dubbifne, kan Rabbii fi Jechoota Isaatitti amanu. Ammas isa hordofaa; akka karaa qajeelaa qabattaniif jecha." (Al-Qur'aan 7:158)*

Kun garaagarummaa nabiyyoota lamaan jidduu jiru: kan duraa Israa'eeloota qofaaf kan ergame yoo ta'u kan boodaa ilmaan namaa hundaaf kan ergame, egaa kamitu jecha waadaa Abrahaamiif (Alayhis Salaam) seename guute? Akkasumas Wangeela Maatewos 15:24 ilaalaa.

*"Inni immoo deebisee, 'ani warra akka hoolotaa karaa irraa goranii mana Israa'elii badan duwwaaf malee hin ergamne' jedheen."*

Raajiin kun nabi Muhammadiif (Sallallaahu Alayhi Wasallam) kan hin malle yoo ta'e, jechi waadaa nabi Ibraahiimiif (Alayhis Salaam) seename hin dhugu'oomfamu. Kun yoo ta'e Macaafni Qulqulluun hir'uu ta'a. Yesus (Alayhis Salaam) gonkumaa nabiyyicha waadaa seenamee ta'uu hin danda'u; sababni isaatis ergamiinsi isaa ummata tokko qofaaf wanta ta'eef.

**Gaara Phaaraan:** qabxiin barbaachisaan itti aanuu fi wantoota sammuu keenyaaf irra caalaa ifa kan godhu gaara Phaaraan ilaalchisee kanneen tuqaman gochoota waaqeffannaa yoo ta'an wantootni kunniin kiristaanootas ta'ee Israa'eeloota wajjiin sirna waaqeffannaati fi akkaataa taa'umsa lafaa wajjiin kanneen firoomummaa homaatuu hin qabne ta'uu isaanii ti. Haa ta'u malee, islaama wajjiin kanneen qajeela walqabatanii fi naannoo sanyii Ismaa'eelootaa keessatti kanneen argamanii dha.

*"Inni (Ismaa'el) Phaaraan lafa onaa keessa jiraate; haati isaas durba warra Gibxii isa in fuusifte." (Seera Uumamaa 21:21)*

Gaarri Phaaraan kan argamu Makkaa keessatti, magaalaa ishee nabi Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkaan barbaadamtuu fi jaallatamtuu taate san keessatti. Macaafa Qulqulluu keessatti ilmaan Ismaa'eel keessaa akka Qedaar, Teemaanii fi Nabaayoot wajjiin haala walqabateen kanneen tuqaman gochootni amantii muraasonni birootis ni jiru.

*"Hiddi dhaloota sanyii Ishmaa'el isa Aggaar xomboreen Saaraa isheen nama biyya Gibxii sun Abrahaamiif deesse, kanatti fufee in lakkaa'ama; maqaan ilmaan Ishmaa'el akkuma tarree dhaloota isaaniitti, Nabaayoot ilma Ishmaa'el isa angafaa, Qedaar, Adbi'el,*

*Miibsaam, Miishmaa, Dumaa, Maasaa, …" (Seera Uumamaa 25:12-14)*

*"Waaqayyo inni qulqulluun biyya Temaanii, tulluu Phaaraan irraa in dhufa; surraan isaa bantiiwwan waaqaa, galanni isaas biyya lafaa irra in guuta." (Macaafa Anbaaqom Raajichaa 3:3)*

Raajii kana keessatti gochootni waaqeffannaa islaamummaa kanneen hajjii fi umraa iddoowwan qulqulluu lamaanitti, Makkaa (gaara Phaaraan) fi Madiinaa (Teemaan) raajiin dubbatamanii jiru. Kun kan muldhisu iddoowwan qulqullummaa lamaan kunniin akka ummattoota Allaaha qulqulleessanii fi faarsaniin hacuucamanii dha. Egaa, kun eebba.

*"Eebbi Muuseen namni Waaqayyoo utuu hin du'in dura ittiin Israa'eloota eebbise isa kanatti fufee jiruu dha; yommus inni, 'Waaqayyoo Siinaadhaa dhufe, Se'iir irraa akka bariitti isaaniif in ba'e, tulluu Phaaraan gubbaadhaas isaaniif in ibse; qulqulloota kumaatamaa wajjiinis ba'e, gara mirgaa isaatti ibiddi seeraa isaaniif in boba'e." (Seera Keessa Deebii 33:1-2)*

Kun kan muldhisu nabiyyootni hangaftootni Rabbii – Muuseen (Siinaa irraa), Yesus (Se'iir irraa) fi Muhammad (Gaara Phaaraan irraa) (nageenyaa fi barakaan Rabbii hunda irraa haa jiraatuu) dhufuu/ka'uu agarsiisa.

Kiristaanaan waa'ee namoota qulqullaayoota kuma kudhanii (akka Macaafa Qulqulluu afaan Ingiliffaa keessatti tuqame), gaara Phaaraan irraa eegalee isaannan gara fuulduraa ibsanii, akkanuma waa'ee isaanii maal beektu? Kiristaanootni akkamitti hiiku? Nuti islaama keessatti Makkaa ykn gaara

Phaaraanitti injifannoo gonfatanii kanneen turan lakkoofsi hoomaa muslimaa sirriin 10,000 yoo ta'u Macaafa Qulqulluu keessatti garaajiirummaa +1 ykn -1 akka hin qabne ni beekna.

## Nabiyyicha Muusee Fakkaatu

*"Ani raajii akka keetii obboloota isaanii keessaa isaaniif nan kaasa; dubbii koo afaan isaa keessa nan kaa'a, inni immoo wanta ani isa abboome hundumaa isaaniitti in hima. Egaa eenyu illee dubbii koo isa inni maqaa kootiin dubbatu kana dhaga'uu yoo dide, gatii isaa in argata." (Seera Keessa Deebii 18:18-19)*

Barumsi kun yeroo irraa gara yerootti gaafii barbaachisummaan isaa akkaan guddataa dhufe wanta ta'eef nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) fi Muuseen (Alayhis Salaam) akkamitti akka walfakkaatan kan agarsiisu Qur'aana irraa keewwata akka lafa keennu nu gaafata.

Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) akkana jedha:

*"Dhugumatti, Nuti akkuma gara Fir'awn ergamaa erginee turre gara keessanittis ergamaa ragaa isin irratti ba'u erginee jirra." (Al-Qur'aan 73:15)*

Waraabbii Macaafa Qulqulluu Niwu Intarnaashinaal Seera Keessa Deebii 18:18 gubbatti mata-duree irratti "Nabiyyii Muusee Fakkaatu" jedha …

Kakuu Moofaa keessatti keewwata akkana jedhu argina:

*"Ergasii raajiin Waaqayyo fuula fuulaan beeke, kan akka Muusee takkaa Israa'el keessatti hin kaane." (Seera Keessa Deebii 34:10)*

Sheekh Ahmad Diidaat kitaaba isaanii “Macaafni Qulqulluun Waa’ee Muhammad Maal Jedha?” jedhuun nabiyyoota sadeen irratti – Muusee, Yesusi fi Muhammad – nageenyi fi barakaan Rabbii hunduma irratti haa jiraatuu – jiddutti birqaba guutuu jedhamuu danda’u lafa kaayanii jiru. Armaan gaditti kanneen jiran isaannan raajiiwwan Seera Keessa Deebii 18:18 dhufiinsa nabi Muhammad tiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkamitti akka raawwataman haala maluun kanneen agarsiisan sababoota amansiisaa muraasa.

1. Obboleewwan ilmaan Israa’eel kudha-lamaanii (12) ilmaan Ismaa’eel kudha-lameeni (12).
2. *“Dubbii koo afaan isaa keessa nan kaa’a”* kan jedhu irra caalaa xiyyeffannoo keenya harkisa. Qur’aanni akkamitti akka afaan nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) keessa kaayamaa ture yoo qorannu, isa nabiyyii dubbisuullee ta’ee barreessuu hin dandeenye san keessatti, jecha jechaan gama malaa’ikaa Gabrii’eeliitiin ture (nageenyi isa irra haa jiraatu).
3. *“Maqaa kootii kan dubbatu”* nabiyyichi kun (Sallallaahu Alayhi Wasallam) - wanta kamiiyyuu dubbachuu ykn hojjachuu yommuu barbaadu Maqaa Allaahaatiin eegaluu ture.
4. Allaahaan (Subhaanahu Wata’aalaa) mushirikoota (qindeessitoota) Arabaa isaannan nabiyyicha kana hin dhageeffanne wanta isaa irra gahuuf itti gaafatamummaa akka fudhatan itti himee jira. Akkasumas dilii isaaniitiin isaan qixaaxee jira.

Hanga ammaa raajiin Macaafa Qulqulluu kun nabiyyummaa nabi Muhammadiitiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) raawwatamuu isaa ilaalchi islaamummaa akkamitti akka cimaa fi gad fagoo ta'e ilaallee jirra. Akka kiristaanootaatti Seera Keessa Deebii 18:18 irratti kan tuqamee fi nabiyyiin Muusee fakkaatu eenyu ture? yoo jedhame deebiin isaanii "Yesus" kan jedhuu dha. Kakuu Moofaa keessatti Muusee (Alayhis Salaam) booda nabiyyiin biroo wanta hin ka'iniif raajiin Seera Keessa Deebiitiin tuqame yookaa Yesusin (Alayhis Salaam) ykn immoo Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ta'a kan muldhisu. Amma maaliif Yesusiin (Alayhis Salaam) akka hin taane tooftaan agarsiifna.

Gareewwan amantii lamaaniifuu dhimmi kun qabxii falmii ol'aanaa ta'ee jira. Kana keessatti falmattootni ilaalcha isaaniitiif amanamtoota. Akkasumas ilaalcha isaaniitiin walmormii injifachuu jechuun takkaayyuu morkataa amansiisuun qabxiin falmii isaanii sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu ykn qabxiin walmormii damee faallaa dogoggora ta'uu isaa mirkaneessuu dha. Dhugaa isaa Macaafa Qulqulluu irraa sababa amansiisaa fi ogummaan argachuun ni danda'ama. Ragaaleen Wangeela Yohannis keessatti dhihaatan qabxiin falmii muslimootaa sirrii ta'uu isaa ni mirkaneessan.

*"Yeroo Yihudoonni Yerusaalemii lubootaa fi Lewwoota Yohannisitti erganii, 'ati eenyu?' jedhanii isa gaafachiisanitti, Yohannis, utuu hin haalin, 'ani Kiristos isa abdachiifame miti' jedhee mul'isee dhugaa ba'e. Warri ergamanis deebisanii, 'amma ati eenyu? Ati Eliyaasii' jedhanii isa gaafatan. Inni immoo, 'waawuu ani isa miti' jedhe. Isaan, 'ati raajichaa ree?' ittiin jennaan, 'waawuu' jedhee deebise. Isaanis, 'eenyu ati?' Egaa, warra nu*

*erganitti kan deebifnu nutti himi; ati eenyu ofiin jetta?' ittiin jedhan." (Wangeela Yohannis 1:19-21)*

Qabxiilee birqabaa qabuun Macaafa Qulqulluu yoo ilaallu Yohannis 1:21 keessatti jechi "raajicha/nabiyyicha" jedhu akka raajii Seera Keessa Deebii 18:15 fi 18:18 keessatti tuqame muldhisutti barreeffama yaadannoo miil-jalee irra jiru irraa argachuu ni dandeenya. Yesus Kiristoos (Alayhis Salaam) nabiyyicha Seera Keessa Deebii 18:18 keessatti tuqame akka hin ta'in xumura irra geenna; maaliif yoo jedhame Yohannis Eliyaasii miti, akkasumas raajicha/nabiyyicha Seera Keessa Deebii 18:18 irratti tuqamellee miti. (Dubbistoota keenya kabajamoo, New Standard Version Study Bible, New Standard Version 1:21, fuula 1594 irratti barreeffamoota yaadannoo-miil-jalee irra jiran ilaalaa.)

*"Waaqayyoo gooftaan keessan isin gidduudhaa, obboloota keessan keessaa, raajii akka kootii isiniif in kaasa; isin isaaf dhaga'aa." (Seera Keessa Deebii 18:15)*

Walbiratti ilaaluuf akka isinii mijaayu ni dhufu jedhamanii kanneen eeggaman namoota sadih turan: Kiristoos/Masiih, Eliyaasii fi nabiyyicha (Yesus Kiristoos irraa adda kan ta'e), nabiyyicha isa Seera Keessa Deebii 18:18 keessatti tuqame san. Raajiin Seera Keessa Deebii 18:18 Yesus Kiristoosin kan muldhisu yoo ta'e hooggantootni Yahuudaa gaafachuu kan qaban waa'ee namoota lameen (Kiristoosi fi Eliyaas) qofa ta'uu qabaa ture. Haa ta'u malee, isaan bira darbanii deemuun waa'ee nama sadaffaa, waa'ee nabiyyicha Seera Keessa Deebii 18:18 keessatti tuqame sanii gaafatanii jiru. Ammas nabiyyichi sun Yesusin ta'uu qaba ilaalchi jedhu yoo jiraate kana agarsiisa: "Namni akka nama hin dhageeffannee duudaan hin jiru." (Mammaaksa Yahuudootaa)

*"Dhugaan tamiiyyuu gulantaalee sadih darbiti. Kan duraa meeshaa qoosaa/baacuu ta'uu, kan lammaffaa mormii humnaa keessumeessuu, garuu gulantaan sadaffaa mataa isaa ragaa gahaa ta'ee fudhachuu dha."*[6]

Nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) gulantaalee sadeenuu darbanii jiru. Dhimmi falmii keessa jiru irra caalaa qajeelaa akka ta'u amma gaafiilee salphaa ta'an muraasa gaafachuuf jaalanna. Nabiyyichi Yohannis 1:21 irratti tuqame sun maqaan isaa eenyu?

1. Maqaan isaa kan hin tuqamne maaliif?
2. Inni Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) alatti nabiyyii biroo yoo ta'ee nabiyyichi sun dhufe moo?
3. Yoo kan hin dhufne ta'e kiristaanootni dhufaatii isaa eegaa jiru moo?

Nuti al tokko nabiyyichi kun kan Seera Keessa Deebii 18:18 keessatti tuqame ta'uu isaa Macaafa Qulqulluu yaadannoo-miil-jalee irraa erga beekneen booda inni akka ragaa bayiinsa Yohannisitti yoo ta'e Yesus (Alayhis Salaam) ta'uu hin danda'u; maaliif yoo jedhame qaamootni adda addaa sadeenuu tarreffamicha keessatti tuqamanii jiru. Filannoowwan sadeen armaan gaditti jiran keessaa tokko kiristaanootaan tilmama keessa galuu qaba:

1. Namni murtaaye tokko yoo kan dhufeeru ta'e isa fudhachuu ykn simachuu qabu.
2. Tarii immoo inni fuulduratti dhufa jedhanii kan amanan yoo ta'e kun amantii isaanii wajjiin

[6] Artan Shopanhar, (Falaasfaa Jarmanii, 1788-1860)

walfaallessa; maaliif yoo jedhame akka amantii isaaniitti Yesusin booda daandiin hin jiru.

3. Inni kan hin dhufne yoo ta'e, ammas Macaaficha Qulqulluu raajii dhugaa hin ta'inii fi kan hin raawwatamne dubbachuu isaatiin gaafii keessa kan isa galchu ta'a.

Har'a nabiyyichi Muusee (Alayhis Salaam) fakkaatu sun, akka Kakuu Moofaati fi Wangeelaatti gonkumaa kan hin dhufin, maqaan isaa Muhammad kan ta'e, (Sallallaahu Alayhi Wasallam), nabiyyichi raajii Macaafa Qulqulluu guutu akka Qur'aanaatti dhufee jira.

## Amaanaa Arabaa Irratti Dubbatame

*"Wanti waa'ee biyya Arabaatiif dubbatame kanatti fufee jira; yaa imaltuu warra Dedaan, caakkaa keessa buufadhaatii achuma bulaa! Yaa warra biyya Teemaa, warra dheebotaniif bishaan kennaa! Warra Dedaanii baqatanii dhufan buddeenaan simadhaa! Isaan billaa jalaa, billaa luqqifame jalaa baqatan; iddaa dhifamee fi lola guddaa jalaas in ba'an. Ammas wanti Waaqayyo anatti hime, 'akka namni qacaramee hojjetu waggaa lakkaa'atutti, si'achi waggaa tokko keessatti, ulfinni Qedaar warra jajjaboo warra xiyyaan warraanan keessaas muraasi in hafu' kan jedhuu dha; Waaqayyo gooftaan Israa'el kana dubbateera." (Macaafa Isaayaas Raajichaa 21:13-17)*

Raajiin kun nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) fi hiriyyoota isaaniitiin (Radiyallaahi Anhum) Makkaa (Qedaar) irraa baqachuun simannaa ummata Madiinaa (Teemaan) tiin, isaannan yeroo hundaa maqaa isaanii beekkamoo

“Muhaajiruun (Baqattoota)” fi “Ansaar (Gargaartoota)” yaadatamaniin walduraa duubaan raawwatamee jira. Dabalataanillee, waa’ee lola Badir, waa’ee lola seenaa islaamaa keessatti kan jalqabaa ta’ee ni dubbata. Haalli Makkaa yommuu akkaan cinqaa ta’u, diinota islaamaa wajjiin yommuu diinummaan sadarkaa duubatti hin deebine irra gahe gara Madiinaa baqannaa ajajaman. Qedaari fi Teemaan maqaalee ilmaan Ismaa’eel (Alayhis Salaam) dha, Seera Uumamaa 25:12-13 irraa ilaaluun akka danda’amutti. Jiraatootni Madiinaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) fi hiriyyoota isaanii simannaa ho’aan simatan. Macaafa Qulqulluu keessatti akka tuqametti waggaa tokkoon booda, muslimootaa fi mushirikootni (qindeessitootni) dirree Badritti lola adeemsiisan. Muslimoonnillee mushirikoota (qindeessitoota) Makkaa irratti injifannoo gonfachuun lolichi xumurame.

“Lolli Badri gaafa sanbata xiqqaa, Maarch 3, 624 Dh.K.B (akka lakkoofsa bara islaamatti Ramadaan 17, 2 bara Hijraa) dhiha Arabiyaa naannoo Hijaaz (Sa’uudi Arabiyaa har’aatti), guyyoota islaamaa jalqabaatti lolli murteessaan qabsoo Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) Makkaa keessa kanneen jiran alagaa Qurayshootaa wajjiin bifa haarawaan ture kan adeemsifame. Lolichi seenaa islaamaa keessatti akka injifannoo murteesaatti kan ilaallamu yoo ta’u jiddu-seensa gargaarsa Rabbiitiif mallattoo addaa ture. Ykn gama madden addunyaatiin ciminnaa tooftaa Muhammadiif (Sallallaahu Alayhi Wasallam) agarsiisaa guddaa ture. Badir keessattuu lolota Qur’aana keessatti tuqaman keessaa tokko. Waa’ee lola Badrii beekkumsi ol’aanaan yeroo sanitti kan ture gabaasa aadaa islaamummaa lachuu, hadiisaa fi seenaa jireenya nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) irraa, lolicha irraa

yeroo muraasa booda kanneen bifa barreeffamaatiin galmeeffaman keessatti argama.

Lolicha dursee, xumura bara 623 fi jalqaba 624 irratti, muslimootaa fi Makkoonni waldhabiinsa gad aanaa heddu adeemsiisanii jiru, akkuma gazaawaatin muslimaa (duulonni nabiyyichaan hoogganaman) irra deeddebi'uun ta'uu isaaniitin. Ta'ullee Badir abboota irree lamaan jiddutti hirmaannaan ol'aanaan kan itti godhame lola jalqabaa ture. Akkaataa bakka ittisaa cimaa qabiinsaatiin caaluun humni nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam), inni naamusa gaariin ijaarame sun, sararoota Makkootaa cabsan. Namoota murteessota Qureyshootaa heddu kan ajjeessan yoo ta'u diina nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) kan hangafaa kan ta'e Aamr Ibn Hishaam dabalatee ajjeefamee jira. Muslimoota jalqabaatiif isaan booddee irratti akka diinota isaanii isaannan Makkoota jiddu jiran akka injifatan mallattoo jalqabaa ture. Makkaan yeroo san magaalaawwan Arabiyaa keessa jiran keessaa magaaloota akkaan dureeyyotaa fi abboota irree turan keessaa takka turte. Achi irraa hoomaa dacha muslimootaa sadih caalu bobbaasan. Injifannoon muslimootaallee humni biroo Arabiyaa keessatti ka'uu isaa gosoota birootiif odeeffannoo kennee jira. Akkasumas kan Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) isaannan Madiinaa keessatti yeroo baay'ee hawaasa addaan bibitinnaayan iddoo hoogganummaa cimsee jira kan jedhu ragaan seenaa lafa kaayee jira."

## Gabricha Gooftaa (Isaayaas 42)

*"Waaqayyo itti fufee, 'kunoo, gabrichi koo inni ani ol ol qabu, inni ani fo'adhe, inni ani jaalladhu isa kana! Ani hafuura koo isaaf kenneera, inni firdii qajeelaa saba lafa irraatiif in baasa; inni hin iyyu, hin wacu, sagaleen isaas karaa irratti akka dhaga'amu hin godhu, inni jajjaba buruqfame in cabsu, fo'aa ibsaa isa seequs hin dhaamsu, inni amanamummaadhaan firdii in kenna. Inni firdii qajeelaa lafa irratti hamma fidutti ittuma fufa malee, hin dadhabu, abdiis hin kutatu; warri biyya galaana giddu keessa jiraatanis seera isaa abdiidhaan in eeggatu' jedhe. Waaqayyo gooftaan inni bantiiwwan waaqaa diriirse, inni biyya lafaa fi wanta isa irratti biqilu uume, inni lafa kana irratti, namootaaf hafuura kenne, warra lafa irra jiraatan hundumaafis jireenya kenne, 'ani Waaqayyoo dha, ani qajeelummaadhaan si waameera, ani harka sin qaba, sin eegas; saba ani kakuu galeefiif, saba lafa irraatiifis ifa akka taatuuf si kenneera; ija warra jaamaa akka bantu, warra hidhaman akka hiiktu, warra dukkana mana hidhaa keessa jiranis akka baaftu sin godha.'" (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:1-7)*

Waa'ee nabiyyicha keenya kabajamoo, waa'ee nabiyyummaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ibsitoota Macaafa Qulqulluu keessatti dhokfaman keessaa raajiin Isaayaas 42 Qur'aanaa fi Hadiisaan deeggarsa cimaa qaba. Namummaa/amaloota nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) wajjiin walsimata. Akkasumas ergamiinsa isaanii kan gulantaa gara gulantaa wajjiin, akkaataa taa'umsa lafaa dabalatee walsimata. Raajii kana ilaalchisee Ibn al-Qayyim yaada isaanii kennanii jiru:

*"Ibsi kun Muhammad Ibn Abdallaatiin alatti kan biroo eenyufillee maluu hin danda'u. Ilmaan namaa dachee irra jiraatan hundinuu osoo walitti qabamanii nabiyyii namummaa/amaloota kanniin hunda qabu tokkos maqaa dhahuu hin danda'an."*[7]

Raajiin kun nabi Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) raawwatamuu isaa yeroo qorannu qabxiin faayida-qabeessa biroo kiristaanootni Yesusii Nazreetiif mala kan jedhu tilmama keessa galchuu qabna. Raajiin kun Yesusin (Alayhis Salaam) wajjiin akka hin deemne ragaan kuffisuu ni dandeenya. Murtee keenya kan xumuraa kennuuf raga kana irratti hundaayuudhaan ergamiinsa nabiyyoota lamaaniituu (A.S) of eeggannoon qo'atuu qabna.

Axaa'i Ibnu Yasaar akka odeessetti ani Abdallaah Ibn Aamr Ibn al-Anasiin wal argee isa gaafadhe:

*"Waa'ee (ibsa) ergamaa Allaaha isaannan amaloota Tawraata keessatti tuqamanii natti himi jedheen. Inni deebisee: 'Eeyyeen! Allaahatti kakadha, inni Tawraata keessatti tuqamee jira, Qur'aana keessatti kanneen tuqamanii fi ibsitoota itti aanan wajjiin: 'Yaa nabiyyicha! Nuti ragaa bahaa, gammachiisaa, akkasumas akeekkachiisaa, wallaaltootaafillee tiksaa goonee si ergine. Ati gabrichaa fi ergamaa kiyya. Ani 'al-mutawakkil' (jechuunis Allaaha qofa irratti irkataa) jedhee si moggaasee jira. Ati gonkumaa kashalabbee, gar-jabeessaa miti, gabayaa keessatti jeequmsaa uumaas miti, ati isaannan si irratti hamtuu dalagan irratti hamtuu hin dalagdu, garuu ati isaan dhiifama godhiinsaa fi mararfannaan isaan*

[7] Nabiyyummaan Muhammad Dhugaa moo Oduu Duriiti, Fuula 207

*kunuunsita. Allaahaan inni akka du'u hin godhu, ummattootni jallatan 'Allaaha malee gabbaramaan (ilaaha) biroo hin jiru' jechuudhaan hanga qajeelanitti malee, isa saniin ija jaaman, gurra duudanii fi onnee saamsamaman ittiin bana."*[8]

Nuti akkaataa hiikkaa raajii kanaa kan kiristaanootaa wajjiin keessummaa miti. Isaan Yesusiif (Alayhis Salaam) kan dubbatame jechuudhaan falmatu. Dhugaa dha nutis osoo nabiyyootni lachuu ergamuu baatanii fi ergaan isaaniillee addunyaaf gahuu baatee silaa isaan wajjiin walii gallaa ture. Wanti gaariin isa sani – lachuu dhufanii jiru, amaloota isaanii jijjiirraa fidan wajjiin qaamaan muldhatanii jiru. Addunyaanillee mooraa amantaa gurguddaa lamatti qoodamuu kan dandeette dhufiinsa isaaniitin ture, garuu sababa isaaniitiinii miti. Har'aan tana raajii asi olitti ilaalleen eenyutu haala maluun himameef kan jedhu addaan baafachuuf seenaa isaanii bareedaa irra dhaabannee jirra. Akkasumas raajii armaan gaditti jiru wajjiin walitti firoomsuun garaajiirummaa nabiyyoota lamaan jidduu jiru muldhisa agarsiisa salphaa fayyadamna.

1. Akka Qur'aanaatti nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) gabricha Allaahaa ti.

   *"Inni (Rabbiin) Furqaanin, akka inni aalama hundaaf akeekkachiisa ta'u, gabricha Isaa irratti buuse qulqullaa'e." (Al-Qur'aan 25:1)*

2. Akka amantii kiristaanootaatti yoo ta'e Yesus (Alayhis Salaam) Gooftaa dha malee gabrichaa miti.

[8] Sahiih Bukhaarii, 3:335

*“Ani Phaawulos hojjetaan Yesus Kiristos ergamaa ta’uudhaaf waamamee, wangeela Waaqayyoos lallabuudhaaf addaan kanan baafame kana caafuu koo ti. Wangeelli kun isa Waaqayyo duraan dursee karaa raajota isaatii caaffata qulqullaa’aa keessatti abdachiisee dha. Inni waa’ee ilma isaa isa akka fooniitti sanyii Daawit keessaa dhalatee dubbate. Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti immoo, warra du’an keessaa ka’uudhaan Yesus Kiristos gooftaan keenya ilma Waaqayyoo ta’uun isaa humnaan beeksifameera.” (Rom 1:1-4)*

3. Akka Qur’aanaatti Allaahaan (Subhaanahu Wata’aalaa) nabi Muhammadi fi nabi Iisaa (lamaan irrattuu nageenyaa fi rahmatni Allaaha haa jiraatuu) gargaaree jira.

*“Namni Rabbiin aalama duniyaati fi aalama dhufu keessatti isa (nabi Muhammadiin-SAW) hin gagaaruu yaadu, gara samii haada diriirsee (ittiin) uf haa fannisu. Ergasii karoorri isaa waan inni jibbu ni dhabamsiisaf kaan haa ilaalu.” (Al-Qur’aan 22:15)*

Gantootni isaan ajjeesuuf gidiiraa itti yaadan, ilkaan isaanii kan duree tokko cabsanii jiru, fuula isaaniillee madeessanii jiru. Nama isaan biratti akkaan jaallatamaa ture jalaa ajjeesanii jiru. Isaan barbaadeessuufillee hoomaa isaanii sosochasanii jiru. Haallen kunniin hundi akkuma jiranitti ta’ee, Allaahan, Gooftaan abbaa irree yommuu nabi Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) isaan irratti ol’aantummaa gonfachiise dhiifama isaanii godhan, araarama isaan badhaasan. Ilaalcha ilsaamummaa irratti hundaayuudhaan, yommuu Yesusin gara ofii ol kaase Allaahan (Subhaanahu Wata’aalaa) Yesusii dhugaa (Alayhis Salaam) gargaaree jira. Haa ta’u malee, Yesusin

kiristaanootni Waaqa ykn Gooftaa keenya jedhanii falmatanii sun ragaalee Macaafa Qulqulluu armaan gad jiran irra mirkaneessuun akka danda'amutti hin gargaaramne.

A/ "Akkaan Ulfaataa" (Maatewos 26:37)

*"Phexrosii fi ilmaan Zabdewos lamaan fudhatee dhaqee, gadduu fi yaadaan dhiphachutti ka'e."*

B/ (Maatewos 26:38)

*"Lubbuun koo hamma du'aatti baay'ee gaddite"*

Hanga ammaa keewwattootni Macaafa Qulqulluu asi olitti tuqaman jecha waadaa "ani harka sin qaba, sin eegas" jedhu hin deeggaran.

4. "Kan filatame" jechuunis "Al-Musxafaa" maqaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) kan biro ti.
5. Amantiin islaamummaa kan Isaayaas 42:4-6 raajiin himameef guutummaa fi sadarkaa addunyaamessaa qaba; sababni isaatis nabiyyichi islaamaa Qur'aanaan akka tuqametti addunyaa guutuuf kan ergaman turan.

*"Inni firdii qajeelaa lafa irratti hamma fidutti ittuma fufa malee, hin dadhabu, abdiis hin kutatu; warri biyya galaana gidduu keessa jiraatanis seera isaa abdiidhaan in eeggatu' jedhe. Waaqayyo gooftaan inni bantiiwwan waaqaa diriirse, inni biyya lafaa fi wanta isa irratti biqilu uume, inni lafa kana irratti, namootaaf hafuura kenne, warra lafa irra jiraatan hundumaafis jireenya kenne, 'ani Waaqayyoo dha, ani qajeelummaadhaan si waameera, ani harka sin qaba, sin eegas; saba ani kakuu galeefiif, saba lafa irraatiifis ifa akka taatuuf si*

*kenneera; ija warra jaamaa akka bantu, warra hidhaman akka hiiktu, warra dukkana mana hidhaa keessa jiranis akka baaftu sin godha.'" (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:4-7)*

*"(Yaa Muhammad!) addunyaaf mararfannaa goonee ti malee si hin ergine." (Al-Qur'aan 21:107)*

Keewwata birootinillee guutummaan islaamaa akka armaan gaditti tuqamee jira:

*"Hardha warreen kafaran amantii keessan irraa abdii muratanii jiru. Kanaaf isaan hin sodaatinaa; Anuma (qofa) sodaadhaa. Hardha amantii keessan isiniif guutee jira. Ni'imaawwan kiyyas isin irratti dhangalaaseera. Amantis Islaama isiniif filadhee jira." Al-Qur'aan 5:3)*

Kun haala sirrii ta'een keewwata Macaafa Qulqulluu keessa jiru kana wajjiin walfakkaataa dha:

*"Inni firdii qajeelaa lafa irratti hamma fidutti ittuma fufa malee, hin dadhabu, abdiis hin kutatu; warri biyya galaana gidduu keessa jiraatanis seera isaa abdiidhaan in eeggatu"*

Keewwatni Macaafa Qulqulluu asi olitti jiru Yesusin (Alayhis Salaam) hin ibsu; maaliif yoo jedhame keewwata itti aanu irra ilaaluu akka dandeenyutti inni osoo ergamiinsa isaa hin xumurin tasa addunyaa gad lakkisee jira.

*"Ani waan baay'ee kanan isinitti himu illee qaba, ammaaf garuu baachuu hin dandeessan. Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa; inni waan dhaga'u dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu;" (Wangeela Yohannis 16:12-13)*

Kun kan muldhisu ergamiinsi Yesus (Alayhis Salaam) yeroo isaatti kan hin guutamin yoo ta'u akkasumas haala walfakkaataa ta'een akka Macaafa Qulqulluutti inni Ahzaabaaf (ummata Yahuudaa hin ta'iniif) kan ergame osoo hin ta'in ilmaan Israa'eeliitif qofa kan ergame ture:

*"Mana Yaaqoob irratti bara baraan in mo'a," (Wangeela Luqaas 1:33)*

Yesus (Alayhis Salaam) mana Yaa'iqoob irratti akka moo'uuf yoo ergame, addunyaa guutuun isatti akka fayyisaatti amanuun bu'aan isaa maali?

Kiristaanootni yommuu nabi Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) kijibsiisan isaan irratti kan balaalleffatan himannoo inni loltuu jedhu bu'uura godhuuni. Macaafa Qulqulluu irraallee keewwata itti aanu tuqu:

*"Ani garuu isinittan hima, isa hamaadhaan hin morkatinaa! Namni maddii kee isa mirgaa yoo si kabale, isa gara kaaniis itti qabi! Namni yaa'ii si irraa qabaatee qomee kee yoo si irraa fudhachuu barbaade, kootii kees dhiisiif!" (Wangeela Maatewos 5:39-40)*

Ragaaleen eenyummaa Yesus (Alayhis Salaam) kan inni waa'ee mataa ofii dubbate qofa. Inni kitaaba hin barreessine, hoomaa hin hoogganne, biiroo siyaasaa hin qabne, ykn qabeenya hin horatne. Inni guutumaan guututti jechuun ni danda'amaa, gandoota keessa maayiloota dhibbaan lakkaayaman qofa deeme. Namoota jechoota isaa mirqaansaa fi hojiiwwan isaa miidhagaan dinqisiifaman qofa harkisuu kan danda'e. Ergamaan jecha waadaa seenamee qabatamaan waraana adeemsiisuu fi diinota

isaa irratti amala injifannoo gonfachuun keewwata itti aanuun akka tuqametti raajicha raawwatee jira:

*“Waaqayyo akka loltuu jabaatti gad in ba’a, akka gootaas hinaaffaan isaa isa keessaa in dammaqa; inni dhaadannaa lolaa in dhaadata, sagalee guddaadhaanis in dubbata, aangoo isaas diinota isaatti in argisiisa.” (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:13)*

Keewwata asi olitti tuqame Yesusiif (Alayhis Salaam), isa diinoota isaa irratti dhagaacha tokkichaa hin darbin saniif hiikuun – qoosni kana caalu ni jiraataa?

Kan akka nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) gootni tokkos hin jiru. Isaaniillee akkana jedhu:

*“Gooftaa Isa lubbuun tiyya harka Isaa keessa jirtutti kakadha, karaa Allaaha irratti ajjeefamuu nan jaalladha, sana boodas (du’a irraa) kaafamuu, sana boodas (ammas) ajjeefamuu (nan jaalladha).”*[9]

6. *“Warri waaqayyolii tolfamoo amanatanii, ‘isin waaqayyolii keenya’ isaaniin jedhan, deebi’anii in yeella’u.” (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:17)*

Hadiisa Abuu Hurayraan (Radiyallaahu Anhu) odeessaniin ergamaan Allaaha (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkana jechuun isaanii gabaafamee jira:

*“Allaahaan (Subhaanahu Wata’aalaa) akkana jedha: ‘isaannan fakkaataa uumamtoota tiyyaa uumuuf yaalaniin olitti miidhaa-geessaan eenyutu jira? Mee atoomii haa*

[9] Muhammad, Ati Akkuma Waan Isa Argituutti, Fuula 46

*uumani. Ykn immoo firii qamadii haa uumanii. Ykn firii garbuu haa uumani.'"* *(Bukharii fi Muslim gabaasanii jiru)*

Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa), Hadiisa Qudsii kanaan ergamaan, haasawa nabi Muhammadiitiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkana nun jedha: isaannan namoota suuraa wantoota lubbu-qabeeyyootaa hojjetan caalaa namni miidhaa-geessaa ta'e tokkos hin jiru, isaannan shoora uumuutiin Allaaha (Subhaanahu Wata'aalaa) fakkaachuu barbaadan. Sanaan booda Inni (Subhaanahu Wata'aalaa), Gabbaramaan ol'aanaan, wanta hunda irratti danda'aa kan ta'e, namoota akkanaa ni qormaata. Uumamtota Isaa keessaa akkaan xiqqaa fi akkaan gad aanaa kan ta'e wantoota lubbuu qaban akka uuman – sun atoomii haa ta'uu, ykn wantoota biqlitootaa keessaa wanta baay'ee salphaa ta'e akka uuman – kanneen akka firii qamadii ykn firii garbuu jiran akka uuman isaan ajaja. Inni (Subhaanahu Wata'aalaa) kana kan godhuuf dadhabinaa fi dandeettii isaanii daangeeffamaa saaxila baasuuf.

*"Warri bifa fakkeenya waaqayyolii tolfamoo hojjetan hundinuu waa'ee hin baasan; wanti isaan itti gammadan sunis gatii hin qabu; isaan yeellaasifamuuf akka jiran arguu yookiis beekuu akka hin dandeenye ofuma isaaniitti dhugaa in ba'u; eenyutu waaqayyolii tolfatee, bifa fakkeenyaa isa waa'ee hin baafnes baqfate?" (Macaafa Isaayaas Raajichaa 44:9-10)*

Walgahii torbaffaa (Oktoobar 13, 787) yaa'iin Niqiyaa kan lammaffaa suuraalee qulqullaayoota kabajuu/ulfeessuu/ muuduu ykn waaqeeffachu ilaalchisee labsii amantiin walqabate baasee ture. http://wikipedia.org/wiki/File:Ayasofyalznik 902.jpg "inni qulqulluu fi jireenya kennaa kan ta'e fannoon

eessattis akka mallattootti taa'uu isaatiin, akkanuma suuraan Yesus Kiristoos, kan Maryam dubraa, suuraalee malaa'ikota qulqullaayootaa, akkasumas suuraalee isaannan namoota qulqullootaa qoodaawwan qulqulloota, sigaajaawwan, uffannaawwan taabootaa, kkf oomisha isaanii irratti akka hammatamu, akkasumas dhaaba bataskaanaa, manneen jireenyaa, akkanuma iddoowwan ifaan ifatti muldhatan irratti, qaccee daandiiti fi eessattis, akka namoota isaan ilaalan hundaan kabajaman/waaqeffataman akka kaayaman murtaayee jira."

7. *"Lafti onaa fi mandaroonni achi keessa jiran, warri Qedaar keessa jiraatanis sagalee isaanii ol haa fudhatan!" (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:11)*

Jiraatootni Makkaa kan gammadan Yesus (Alayhis Salaam) moo Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam)? Ummattootni Qedaar Araboota jalqabaati. Isaan Sa'uudiwwanii fi Yamanoota har'aa ti. Egaa isaan kunniin 100% muslimoota. Kanaafuu, raajiiwwan ifa-bahoota "ifaa saba biyyaa" ti fi "Qedaar jiraate" jedhan amantii islaamaa kan waaqeffannaati fi kan dhugaatiif mallattoowwan ta'u."[10]

8. *"Isin warri duudaan dhaga'aa! Isin warri jaamaanis argaa! Garbichuma koo malee jaamaan eenyu? Ergamaadhuma koo isa ani erge malee, duudaan eenyu? Akka isuma guutummaatti kan koo ta'uun isaa beekame, akka garbicha kootiis eenyutu jaamaa dha?" (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:18-19)*

---

[10] Anwering Christianity.com

Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akka gabrichaati fi ergamaa isa jechi waadaa seenametti beekkamummaan kennameefi jira.

Ilaalcha birqabaa keewwattoota Macaafa Qulqulluu kanniinii nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) nabiyyii hin baratin ta'uu isaanii agarsiisa. Qur'aanni kan bu'e lugaa akkaan qaroomaa ta'een. Yeroo Araboonni lugaa Arabiffaatiin akkaan dubbataa ta'anitti, waytii saniifillee sirritti beekkaman, akkasumas yeroo walaloon akkaan cimaan turanitti ture kan bu'e. Nabi Muhammd (Sallallaahu Alayhi Wasallam) haadhaa fi abbaa kan hin qabne ta'anii akka guddatan sirritti beekkama. Mana barumsa idileellee ta'ee miti-idilee irraa homaa hin baranne. Namoota beekkumsa qaban ykn ogeeyyiwwan irraallee hin baranne. Inumaayyuu isaanii baruumsa qalamaa malee nabiyyii dha. Faallaa kanaatiin Yesus (Alayhis Salaam) kan guddate ogummaan ture.

*"Yesus immoo Waaqayyoo fi namoota irraa ayyaana argachaa, namummaadhaa fi ogummaatti in guddate ture." (Wangeela Luqaas 2:52)*

Akka Macaafa Qulqulluutti Yesusin (Alayhis Salaam) duudaa fi jaamaa jedhanii waamuun nama hin adeemsisu. Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) duudaa fi jaamaa akka ta'an inni ofumaa Isaatiin filatee jira. Akkasumas osoo hin dhalatin dura amaloota isaanii Macaafa Qulqulluun ibsee jira.

*"(Yaa Muhammad!) Ati isa (qur'aana) dura kitaaba homaatuu kan qaraatu hin turre. Harka kee kan mirgaatin isa kan sarartus (barreessitus) hin turre. Odoo akkas ta'ee hordoftoonni sobaa ni shakku turan." (Al-Qur'aan 29:48)*

9. (Isaayaas 42:20-22) kan xumuraa garuu gad aanaa kan hin ta′in qabxiin ibsaa ol′aantummaan seera Rabbii yoo mirkanaayu gabrichi Rabbii akkaataa Isaayaas 42:20-22 tuqameen yeroo dhufe ture.

*"Wanta baay'ee argitaniittu, garuu isin hin eegdan; gurri keessan banamaa dha, garuu wanta tokko illee hin dhageessan' jedhe. Waaqayyo qajeelummaa isaatiif jedhee seera isaa guddaadhaa fi ulfina-qabeessa gochuu in jaallate." (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:20-22)*

Isa keessatti isaaniif murteessinee jirra:

*"Ammas isa keessatti barreessinee jirra: "Lubbuun lubbuun, ijji ijaan, funyaan funyaanin, gurri gurraan ilkaan ilkaanin, madaan (madaan) wal qixa harka baafamu." Namni gadoo ba'uu akka sadaqaa isaaf ta'u dhiise, inni waan maasenni isaa ittiin haqamu isaaf ta'a. Ammas namni waan Rabbiin buusen murtii hin kennin, sunniin isaan warreen miidhaa hojjatani." (Al-Qur'aan 5:45)*

Wanti walfakkaataan Kakuu Moofaa keessatti garaagarummaa qubee homaatuu malee ni argama.

*"Qooda lubbuu lubbuun, qooda ilkaanii ilkaan, qooda harkaa harki, qooda miillaa miilli ijaa haa baafamu malee hin oo'iniif." (Seera Keessa Deebii 19:21)*

Abukaatoowwan Yesus (Alayhis Salaam) seerri waadaa seename sun haqamee jira jechuudhaan nu barsiisu. Sun immoo raajii Masiihummaa Isaayaas 42 soba taasisa. Barsiisni nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) barbaachisummaa seera Waaqayyoo kan yeroo hundaa raggaasiisee jira. Kunis raajichi isaaniin raawwatamuu isaa muldhisa.

*"Karaa tokko seerri inni duraa sun dadhabbii isaatiif, waa'ee utuu hin basin hafuu isaatiifis diigameera. Seerichi, wanti tokko iyyuu fiixaan akka ba'u hin goone; karaa biraa immoo, abdiin caalu inni nuyi ittiin Waaqayyotti dhi'aannu iddoo bu'eera." (Ibr 7:18-19)*

## Kan Dhagahu Hundaa Ni Dubbata

Dubbistoota kabajamoo! Raajiiwwan waa'ee nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) dubbataman ilaalchisee ragaalee Kakuu Moofaa keessaa muraasoota qorachuu dandeenyee jirra. Amma immoo Kakuu Haarawa keessa barbaaduu yaalla.

*"Ani waan baay'ee kanan isinitti himu illee qaba, ammaaf garuu baachuu hin dandeessan. Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa; inni waan dhaga'u dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu; waan dhufuuf jirus isinitti in mul'isa. Dubbii keessaa fuudhee waan isinitti mul'isuuf, inni anaaf ulfina in kenna." (Wangeela Yohannis 16:12-14)*

Raajii kanaaf hiikkaan kiristaanootaa akka hafuura qulqulluuf ta'e haala maluun amaleeffannee jirra. Garuu hafuurri qulqulluun yommuu cuuphama Yesus Kiristoos (Alayhis Salaam) dursee bu'ee jira.

*"Yesus cuuphamee bishaanicha keessaa akkuma ba'een, kunoo, bantiiwwan waaqaa hundinuu (isaaf) banaman; achumaanis hafuurri Waaqayyoo akka gugeetti gad dhufee isa irra bu'uu isaa in arge." (Wangeela Maatewos 3:16)*

Yohannis 16:12-14 'isa' kan jedhu lakkoofsi qeenxee ramaddii sadaffaa hafuura qulqulluu hin muldhisu, kanaa mannaa Yesusin (Alayhis Salaam) booda kan dhufu kan ta'e ilma namaa agarsiisa.

Ragaan gaariin kan raajii kana hafuura qulqulluuf hiikuu hoongoo kan hanbisu kun hima akkana jedhu kana: *"inni waan dhaga'u dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu."*

Amantii kiristaanaa keessatti Sillaaseen walitti makama gooftoota walqixa ta'an sadihii wanta ta'eef – abbaa, ilmaa fi hafuura qulqulluu – tokkummaa fi waliigalteen addunyaa irratti kanneen aangoo walqixaa qaban wanta ta'aniif raajii kana hafuura qulqulluuf hiikuuf yaaluun ifaajee hoongooti. Tarii immoo raajiin kun qaama Sillaasee isa sadaffaa kan ta'e hafuura qulqulluuf mala falmiin jedhu yoo dhufe, kun kan muldhisu qaamni Sillaasee kan sadaffaa – hafuurri qulqulluun – inni "mataa isaa irraa dubbachuu kan hin dandeenye, garuu kan dhagahu qofa kan dubbatu" yoo ta'e, jechuunis gooftaa aangoo dhabeessa akkanaa yoo ta'e kun qaama Sillaasee kan sadaffaa kan ta'e aangoo fi beekkumsa isaa qiletti gata. Akkasumas kun yoo akkana ta'e, kun Sillaasee dhabamsiisuudhaan amantii kiristaanaa kufiinsa xumura hin qabne keessa galcha. Eenyurraa dhagaya? Yoo qabxiin falmii inni Waaqayyoon irraa dhagaya jedhu ka'e kun inni akka miseensa Sillaasee hin ta'in mirkaneessa. Haa ta'u malee, raajiin kun dhufiinsa nabi Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) raawwatamee jira. Ergamiinsa Yesus Kiristoos (Alayhis Salaam) waggaa 600 booda kan inni osoo hin xumurin dhiise fiixaan baasuuf isaan nabiyyicha tokkicha qofaa ti. Barumsa Yesus (Alayhis Salaam) wajjiin kan waliigalu Qur'aana irraa ragaa dansaa qabna.

*"Fedha lubbuu isaa irraas hin haasa'u." (Al-Qur'aan 53:3)*

Nabiyyichi xumuraa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) eenyummaa Yesus Kiristoos (Alayhis Salaam) addunyaaf barsiisanii jiru. Isa akka nabiyyicha guddaa Waaqayyootti kabajanii jiru. Akkasumas isa Yahuudootni isaa fi harmee isaa himannaa sobaati fi maqaa balleessaa isaan keessatti darban irraa isaan qulqulluu godhanii jiru.

## Amanamaa fi Dhugoomaa, Inni Eenyu?

Kunis kan biroo isa akkaan barbaachisaa fi firoomummaa kan qabu raajii Kakuu Haarawa keessatti tuqamee dha. Iccitii ergaa kanaan duuba jiru baasuuf irraa caalaa gad fageenyaan kan itti adeemnu ta'a.

*"Kana booddee ilaalee, bantiin waaqaa banamee, farda adii tokkos nan arge. Inni fardicha irra taa'es maqaan isaa, 'Amanamaa, dhugaas' in jedhama; firdiitti, lolattis qajeelummaadhaan in hojjeta. Ijji isaa akka barbadaa ibiddaa ti, mataa isaa irra waan akka gonfoo baay'eetu jira; maqaa isa irratti caafamee jiru tokko qaba, garuu isuma malee, namni tokko illee hin beeku. Uffata dhiiga cuuphame tokko in uffata, maqaan isaas 'Sagalee Waaqayyoo' jedhame. Loltoonni waaqa keessaa immoo uffata quncee talbaa adii fi qulqullaa'aa uffatanii, fardeen adaadii irra taa'anii, isa duukaa in bu'an." (Mul'ata Yohannis 19:11-14)*

Akka ilaalcha kiristaatootaatti namni akaakuu kanaa dachee kana irratti muldhatee jiraa? Murtee kennee jiraa? Waraanaaf duulota godhee jira? Maqaa inni qofa beeku ni qabaa

turee? Gaafiiwwan murteessitootni kunniin isaannan daandii saaqxota ta'anii dha.

Deebiiwwan hundaatuu "eeyyeen" kan jedhuu dha. Maalii fi akkamitti eeyyeen kan jedhu ta'an? Gaafiilee kanniin deebisuuf seenaa fi amaloota nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) wajjiin walbira qabuudhaan Macaafa Qulqulluu keessan akka gad fageenyaan dubbiftan gorfamtu. Mee gad fageenyaan dubbisuun maal akka ta'e kan itti aanu irraa haa ilaallu:

*"Wantoota armaan gaditti jiran keessaa tokkos osoo hin jedhin dura mirkaanaayummaa sababa qabeessa ta'een 'ani hubadhee jira' jechuu danda'uu qabda: osoo 'waliigale' ykn 'walii hin galle' ykn 'murtee koo qoqqobe' hin jedhiiniin dura. Ajiifachuu jechuun yeroo hundaa walii galuu dhabuu (akkasumas guutuumaan guututti ofshakkaa ta'uu) dha yaada jedhuun dogoggora akka hin dalagne abdii godha. Akka carraa ta'ee kun kan baratame hubannoo dogoggoraa ti. Waliigaluu jechuun akkuma waliigaluu dhabuu hundaa sirratti shaakala murtee murteessaa ta'a. Hubannoo malee waliigaluun gowwummaa dha. Hubannoo malee walii galtee dhabuun ija-qotiinsa."*[11]

Armaan gaditti namummaan/amaloonni nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) sammuu beekkumsa barbaadaa ta'een qoratamuuf yoo yaalaman kanneen raawwii raajii kanaa mirkaneessanii dha.

---

[11] Naamusa Deebisanii Kennuu, "Kitaabni Akkamitti Akka Dubbifamu" Fuula 241

1. Nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) haala baratamoon Amanamaa ykn Muhammad 'Al-Amiin' jedhamanii waamamuu ture; maaliif yoo jedhame isaan hawaasa isaanii keessatti nama dhugaa ta'uu isaaniitiin. Namoota dachee irra adeeman hunda keessaa eenyullee akka nabiyyicha islaamaa amanamaa hin turre, hin ta'ulle.
2. "Nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) al tokkos dirree waraanaa irraa dheessanii hin beekan, mirkanaayaa ta'uuf irra caalaa himuun yoo barbaachise dhugaan kan biroo hafee gara duubaatuu hin siiqne. Yeroo diinni haleellaa geessu kanneen biroo qolannaan tarkaanfannaa muraasa ykn kan caalu gara duubaa yoo deeman nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) lafa inchii takkaayyuu diinaaf kennuu dhabuun bakka isaanii eegaa turan."[12]
3. Hiriyyoota nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) keessaa tokko Salmaan (Radiyallaahu Anhu) dhalataa Faaris kan ta'e, dhugaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) maqaa isaan irratti barreeffame akka qaban mirkanaaye barbaadaa ture.

*"Salmaan (Radiyallaahu Anhu) Qeesota adda addaatiin irkatummaan kennameef ture. Ega kanaa Qeesii isaa kan xumuraa yommuu duuti itti dhuftu, namichi 'yaa mucaannana! Akka nuti taane nama amantii sirrii irra ta'e tokkos hin beeku. Haa ta'u malee, zamana jireenya keetii keessatti nabiyyiin ni ka'a. Nabiyyichi kunillee akkuma Ibraahiim (Alayhis Salaam) amantii*

[12] Muhammad, Ati Akkuma Waan Isa Arguu Dandeetutti, Fuula 106

*walfakkaataa irra jiraata'*[13] *jedheen. Qeesichi waa'ee nabiyyicha umrii Salmaan keessatti dhufuu waa'ee amala nabiyyicha kanaa akka armaan gaditti ibsee jira: 'nyaata kennaan isaa gumaatame ni fudhata, ni nyaatas, garuu sadaqaa hin fudhatu/ hin nyaatullee, akkasumas chaappaan nabiyyummaa isaa gateettii isaa lamaan jidduu jiraata.' Salmaan (Radiyallaahu Anhu) erga qormaata baay'ee dabarseen booda Madiinaa gahee nyaata akka kennaati fi akka sadaqaatti isaanii dhiheessuun nabiyyicha (Sallallaahu Alayhi Wasallam) qormaate. Nabiyyichi (Sallallaahu Alayhi Wasallam) yommuu kan duraa nyaatanii kan lammaffaa immoo dhiisan Salmaan isaan irratti maqaan barreffamuu fi barreeffamuu dhabuu isaa mirkaneessuuf adeeme.*

*Salmaan (Radiyallaahu Anhu) akka jedhetti isaaniif nageenya dhiheessee sanaan booda isa hiriyyaa kiyyaan kan naaf ibsame chaappaa (nabiyyummaa) san ilaaluuf yaaluun gara duuba isaanii deeme. Isaan (Sallallaahu Alayhi Wasallam) yommuu ani (kana) godhu yeroo ana arganitti ani wanta (tanaan dura) anaaf ibsame tokko mirkaneessuuf yaalaa jiraachuu koo beekan. Uffannaa isaanii dugda isaanii irraa ol kaasuun anis chaappaa san ilaale. Nan beekelle. Dhungataa ti fi booyaa achi irratti kufe."*[14]

4. Mee raayyaan samii akkamitti nabi Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akka hordofan keewwata Qur'aanaa kan armaan gaditti jiru irraa haa dubbifnu:

[13] Adeemsa Dhugaa Barbaaduu Keessatti, Fuula 27

[14] Adeemsa Dhugaa Barbaaduu Keessatti, Fuula 27

*"Yeroo Gooftaan kee gara maleeykotaatti wahyii buusee: 'dhugumatti, Ani isin waliin jira. Kanaaf isaan amanan miila isaanii gadi dhaabaa. Ani onneewwan isaan kafaranii keessatti sororka darba. Kanaaf mormaalee gubbaa rukutaa. Ammas qubbiin hunda isaan irraa mummuraa' (jedhe yaadadhaa)." (Al-Qur'aan 8:12)*

Mee qabxii dabalataa tokko Hadiisa keessaa ragaa deeggaraa ta'e itti ida'uun sanaan booda murtee mataa keessanii akka fudhattan isiniif haa dhiifnu.

Ibn Abbaas (Radiyallaahu Anhumaa) akka jedhanii jiru: *"dhugumaan nabiyyichi (Sallallaahu Alayhi Wasallam) gaafa Badir akkana jedhanii jiru: 'kun Jibriili, kan lugaama fardeenii qabe, akkasumas isa irra meeshaa waraanaa ti kan jiru.'"*[15]

*"Kana booddee ilaalee, bantiin waaqaa banamee, farda adii tokkos nan arge. Inni fardicha irra taa'es maqaan isaa, 'Amanamaa, dhugaas' in jedhama; firdiitti, lolattis qajeelummaadhaan in hojjeta. Ijji isaa akka barbadaa ibiddaa ti, mataa isaa irra waan akka gonfoo baay'eetu jira; maqaa isa irratti caafamee jiru tokko qaba, garuu isuma malee, namni tokko illee hin beeku. Uffata dhiiga cuuphame tokko in uffata, maqaan isaas 'Sagalee Waaqayyoo' jedhame. Loltoonni waaqa keessaa immoo uffata quncee talbaa adii fi qulqullaa'aa uffatanii, fardeen adaadii irra taa'anii, isa duukaa in bu'an." (Mul'ata Yohannis 19:11-14)*

[15] Sahiih al-Bukhaarii, Kitaabota Waraanaa, Boqonnaa "Badritti Argamiinsa Malaa'ikootaa" Lakkofsa Hadiisaa 3995

**Yaada:** Sila kiristaanummaan amantii siyaasaati moo amantii hafuura Rabbii ti? Amantii hafuura Rabbii yoo ta'e kitaabni amantii kiristaanootaa nabiyyiin maqaan isaa Muhammad 'Al-Amiin' ykn Amanamaa jedhamu akka ka'u/dhufu dursee raajiian dubbatee jira. Innillee kan dhufe yoo ta'u namoota jiddutti murtee kennee jira, mootii moototaa ta'ee jira, waraana raayyaan samii isa wajjiin lolan hoogganee jira, akkasumas maqaa qaama isaa irratti barreeffame qaba, san kan inni qofa beeku ta'e. Amma fedhiin cabnana amantii kiristaana irraa gara islaamaa marsuu qaba, kiristaana hordofuun faayidaalee siyaasaatiif ykn diinagdeetiif yoo barbaadame malee. Islaamni wanta birooti miti, garuu isaannan wantoota baay'ee Yesus (Alayhis Salaam) jedhuun irraa malu itti fufiinsa yoo ta'u maandhaa nabiyyoota hundaa kan ta'aniin haala milkaayaa ta'ee xumuramee jira.

*"Muhammad dhiirota keessan irraa abbaa nama tokkoos hin taane. Garuu inni ergamaa Rabbiiti fi xumura nabiyyoota ti. Rabbiinis waan hunda beekaa dha." (Al-Qur'aan 33:40)*

5. *"Mataa isaa irra waan akka gonfoo baay'eetu jira; maqaa isa irratti caafamee jiru tokko qaba, garuu isuma malee, namni tokko illee hin beeku. Uffata dhiiga cuuphame tokko in uffata."* Kunniin haymaamaa (marata) fi uffannaa islaamummaa wajjiin walfakkaatu.

*"Ammas yeroo ergamaan Rabbiin biraa ta'e waan isaan bira jiru dhugo'oomsaa isaanitti dhufe, gareewwan warreen kitaabni kennameef irraa ta'an gariin kitaaba Rabbii duuyda duuba isaanitti gatan; akka waan hin beeknee." (Al-Qur'aan 2:101)*

## Makkaa Macaafa Qulqulluu Keessatti Beektuu?

Maqaan Makkaa kan biroo Bakkaa dha. Afaan Arabaatiin "Bakkaa" jechuun immoo booyyicha jechuu dha. Muslimoota qaaneessuuf kiristaanootaan gaafiin qormaataan irra deddebi'amuun gaafatamu waa'ee kallattii salaata muslimootaa ti. Isaannan gaafii akkanaa gaafatan Qur'aana keessatti Allaaha (Subhaanahu Wata'aalaa) tiin gowwota jedhamanii waamamanii jiru.

*"Namoota irraa gowwoonni (awaamonni, munaafiqoonni fi yahuudonni) 'Qiblaa dur irra turan (Baytal Maqdisitti gara galanii sagaduu) irraa maaltu isaan (muslimoota gara Ka'abaa) gara galche?' jedhan. 'Jihaan Bahaa fi Dhiyaas kan Rabbii ti; Inni nama fedhe gara karaa sirrii qajeelcha." (Al-Qur'aan 2:142)*

Yommuu salaataa muslimoonni gara kallattii Ka'ibaa akka garagalan Allaaha (Subhaanahu Wata'aalaa) tiin ajajamanii jiru:

*"Hawaasa kamilleef jihaa inni (yeroo sagadu) itti gara galutu jira. Kanaaf toltuuwwan irratti wal dorgomaa. Eessallee yoo taatan, Rabbiin (guyyaa qiyaamaa) walitti qabeetin isin fida. Dhugumatti, Rabbiin waan hunda irratti danda'aa dha." (Al-Qur'aan 2:148)*

*"Ammas iddoo (imalaaf) baate kamillee irraa yoo ta'e, fuula kee gara masjiida kabajamaa gara galchi. Sun dhugumatti dhugaa Gooftaa kee irraa ta'e. Rabbiinis waan isin hojjattan irraa daguu keessa hin jiru." (Al-Qur'aan 2:149)*

Waa'ee kallattii salaata muslimootaa ti fi kana wajjiin kan walqabate ajiitii kiristaanootaa yommuu ilaallu raajii Yesus Kiristoos (Alayhis Salaam), fuulduratti isaan booda, isa jijjiirama kallattii salaataatiif mallattoo agarsiisuuf himame ilaaluu ni qabna.

*"Kana irratti dubartittiin, 'akka ati raajii (nabiyyii) taate nan arga, yaa gooftaa. Abboonni keenya gaara kana gubbaatti in sagadu; isin warri Yihudootaa immoo 'lafti itti Waaqayyoof sagaduun ta'u Yerusaalem keessa jira' jettu' ittiin jette. Yesus yommus, 'dubartii nana, yeroo itti isin gaara kana gubbaatti yookiis Yerusaalemitti abbaadhaaf hin saganne dhufuuf jira; na amani!'" (Yohannis 4:19-21)*

Kun kan ta'eef sababni isaa fuulduratti Rabbiin gaara sanitti ykn Yerusaalemitti akka hin gabbaramne, kanaa mannaa Makkatti yeroon gabbaramu kan dhufu yoo ta'u muslimoonni waytii waaqeffannaa isaanii gara Ka'ibaa kan garagalan dhugaa kana irraa ka'uun. Yaada kana wajjiin kan waliigalu ragaa Qur'aanaa ni qabna:

*"Dhugumatti, Manni jalqaba (akka Rabbiin keessatti gabbaramu) ilma namaatif kaayame isa Bakkah (Makkah) jiru, isa baraka-qabeessa fi aalama hundaaf qajeelfama ta'e. Isa keessa mallattoowwan (raajiwwan) ifa ta'an, (fkn.) Maqaama Ibraahiimtu jira. Namni isa seene kumis tasgabbayaa ta'a. Namni waan gara isaa karaa ittiin deemu qabu gara Mana (Rabbii deemee) sirna Hajjii raawwachuun dirqama Rabbii kan namoota irra jiru. Namni hin amanin garuu, ergasii dhugumatti Rabbiin aalama hunda irraa durooma dha." (Al-Qur'aan 3:96-97)*

Macaafni Qulqulluun waa’ee gochoota sirna waaqeffannaa isaannan sulula Bakkaa keessatti raawwatamanillee ni tuqa, Macaafni Faarfannaa 84:6 hajjii fi bishaan Zamzamaa ilaalchise wanta jedhu qaba.

*“Isaan yeroo dachii gogee nama boossisu keessa adeeman, iddoo sana lafa bishaan burqu in godhatu; bokkaan inni dura roobus eebba isa irra in diriirsa.” (Macaafa Faarfannaa 84:6)*

*“Isaan yommuu sulula Bakkaa keessa darban, iddoo burqaa in godhatan, bokkaan afraasaa illee haroon isaan haguuga.” (Macaafa Faarfannaa 84:6, Macaafa Qulqulluu New International Version irraa kan fudhatame)*

*“Sulula boossisu biraan darban, iddoo jireenyaa illee ishee godhatan, akkasuma barsiisaa seeraa eebbi isa haguuga.” (Macaafa Faarfannaa 84:6, Macaafa Qulqulluu Aramaayikaa, Ingiliffa salphaa ta’een kan jedhu irraa kan fudhatame)*

Kiristaanoota kabajamoo! Barsiisaan seeraa, inni Bakkatti ykn sulula booyaatti barakaan haguuggamuuf himameef eenyu? Inni Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) dha.

## Makkaa Moo Xiyoon? (Isaayaas 60:1-22)

Kiristaanootni raajiin kun kan himame Makkaaf osoo hin ta’in Xiyooniif jechuun falmatu. Garuu raajii kanaan waa’ee Makkaa ragaa gahaa nuuf malaa muslimootaa wajjiin hanga barbaadan falmii ho’aa godhanis ragaa qabatamaatiin gonkumaa mirkaneessuu hin danda’an; sababa qabxilee armaan gaditti jiraaniitiin:

*“Sabni lafa irraa gara ifa kee, mootonnis gara biiftuu isa siif ba’uu in dhufu.” (Isaayaas 60:3)*

*“Warri ormaa kellaa mandara keetii in ijaaru, mootonni isaaniis siif in hojjetu,” (Isaayaas 60:10-11)*

1. Masjidoota qulqullaayoota lamaan – Al-Masjid Al-Haraam Makkatti argamuu fi Al-Masjid An-Nabawwii Madiinatti argamu – itti gaafatamummaan eeguu mooticha Sa’udii Arabiyaatiin akka fudhatame har’a sirritti beekkama. Itti gaafatamummaan kun haala baratamoo ta’een kan Khaliifaa (bakka bu’aa nabiyyichaa) ture. Taaytaa kana fudhachuuf kan jalqabaa bara 1986 mootii Sa’udii Arabiyaa mooticha Fahd taaytaa ‘kabajamoo’ jedhu irraa gara ‘eegaa masjidoota qulqullaayoota lamaanii’ jijjiire. Mootichi itti aanaan, Abd-Allaah bin Abd-al-Aziiz, du’iinsa mooticha Fahd booda taaytaa walfakkaataa obbolessa isaa kan gar tokkee bara 2005 fudhatee jira. “Mootiiwwan isaaniillee si tajaajilu” kan jedhuu fi “Khaadimal Haramayin” raajichi Makkatti raawwatamuu isaa muldhisuu bira darbee tokko kan biroo ibsa. Mootiiwwan Sa’udii Arabiyaa eeggumsi iddoowwan qulqullaayootaa isaanii Macaafa Qulqulluun dhaloota Yesusi fi Muhammad (lachuu irratti nageenyaa fi rahmatni Allaaha haa jiraatuu) waggoota baay’ee dura dursee yommuu himamuuf isaan akkamitti milikaayootaa!

Roomonni fincila Yahuudootaa guddicha, isa waggaa afur dura dursee eegalame dhibbaan dhibbatti xumura irraan gahuuf

Yerusaalemi fi mana waaqeffannaa Dhaloota Kiristos Dura 70tti zamana Titas diiganii jiru.

*“Ammas sababii keessaniif Xiyoon lafa qotiinsaa taatee in qotamti, Yerusaalem lafa tuullaa dhagaa caccabaa in taati, tulluun manni qulqullummaa irra jirus lafa ol jedhaa caakkaan fudhate in ta’a.” (Macaafa Miikiyaas Raajichaa 3:12)*

*“Inni mootichaaf amanamaa ture mandara Yerusaalemitti lixee, mana qulqullummaa, mana mootummaa, manneen namoota gurguddoota Yerusaalem hundumaa gubee in balleesse.” (Macaafa Ermiyaas Raajichaa 52:12-13)*

(Akkasumas “Gadda Yahuudootaa kan Torbee Sadihii” ilaalaa.)

Raajiin kun Xiyooniin keessatti dhugu’oomfamee jira jedhanii hiikuuf yaaluun qoosuu dha; maaliif yoo jedhame seenaa jalaa dheessuu hin dandeenyu. Seenaan Xiyoon kan darbee fi kan ammaa, kan nuti qabatamaan beeknu sun rajii akkana jedhu kanaan walfaaallessa:

*“Nagaan eegduu kee, qajeelummaanis geggeessituu kee akka ta’u nan godha,” (Isaayaas 60:18)*

Waytii ammaa televiziyoona kan daawwatan ykn raadiyoo kan dhageeffattan yoo taatan inumaayyuu yommuu kitaaba kana dubbisaa jirtanittuu akkanuma isin gara Xiyoon irraa sagalee nageenyaati moo kan waraanaati nan dhagaya ykn ilaala jettanii yaaddu? Haala Xiyoon kan duriiti fi kan ammaa yoo walbira qabnee ilaallu ta’e dhugaan ifa baha. Jeequmsa Xiyoon sammuu

keenya keessatti qabuudhaan Makkaan nageenya, tasgabbii fi qabbana kan guuttu taatee bakka jirtutti raajii kana Xiyooniif hiikuun hubannoo dogoggoraa ykn wallaallummaa dha. Keewwata armaan gaditti jiru irratti hundaayunillee Makkaan raajichaaf tan maltu ni taati:

*"Si'achi sagaleen humnaan nama irratti ka'uu biyya kee keessatti hin dhaga'amu; miidhaan yookiis balleessaan daarii biyya kee keessatti hin argamu," (Isaayaas 60:18)*

2. Kitaabni amantii kiristaanaa waa'ee nageenya, qabbana, tasgabbii fi durummaa iddoo qulqullaayaa, durummaan addunyaa hundaa tan gara ishee dhufu taate sun raajiin dubbatee jira. Mee magaalaan tun Xiyooni?

*"Ati kana yommuu argitu fuulli kee in ifa, onneen kees gammachuu irraa kan ka'e na'ee in dha'ata; qabeenyi galaana keessa jiru hundinuu kan kee in ta'a, badhaadhummaa saba lafa irraas siif in fidu." (Isaayaas 60:5)*

Akka carraa ta'ee, addunyaa irratti Makkaan magaalaa takkatti qofaati, ishee amaloota asi olitti tuqaman haala maluun guuttu – amantanillee amanuu baatanille.

Har'aan tana, Makkaa waggaa waggaan muslimootni miliyoona 13 ta'an ni daawwatu. Guyyoota hajjii muraasa keessatti qofa waggaa waggaan daawwatootni miliyoona heddu ta'an gara Makkaa ni seenu. Kana irraa ka'uun Makkaan addunyaa muslimaa keessatti magaalaawwan akkaan sadarkaa addunyaa ta'anii fi ummattotni adda addaa keessatti argaman

keessaa takka taatee jirti. Kana malees, muslimoota addunyaa irra jiran, muslimoota hiyyeyyii fi dureessota, isaannan gara iddoo qulqullooftuu tanaa deemuuf humna mallaaqaa qaban tokko gooti. Yeroo durii irraa eegalee iddoo qulqullooftuu ta'uun turtee jirti.

Mee Qur'aanni waa'ee nageenyummaa Makkaa maal akka jedhu haa ilaallu:

*"Ammas yeroo Ibraahiim 'Gooftaa kiyya! Magaalaa kana (Makkaan) iddoo tasgabbii taasisi; namoota isiis kanneen isaan irraa Rabbii fi Guyyaa Maayessaatti amanan muduraalee irraa soorata isaaniif kenni' jedhe (yaadadhu). (Rabbiin) ni jedhe: "Nama amanuu dide garuu, yeroo xinnaa isa qananiisa; ergasii gara adaba ibiddaa (akka deemu) isa dirqisiisa; deebisaa akkam fokkate!" (Al-Qur'aan 2:126)*

*"(Ibraahiimis akkana jedhe): "Gooftaa keenya! Ani maatii kiyya irraa (garii) holqa sanyii hin biqilchine keessa mana kee kabajamaa (Ka'abaa Makkatti argamu) bira akka jiraatan taasisse. Gooftaa keenya! akka salaatan dhaabbataniif (kan godhe). Kanaaf onneewwan namootaa irraa akka gara isaanitti hawwan taasisi; sanyiiwwan irraas soorata isaanif kenni; akka isaan Si galateeffataniif jecha." (Al-Qur'aan 14:37)*

*"Eegumsa Qurayshitiif (Rabbiin ni'imaa guddaa isaanif kenne). (Ni'imaa fi eegumsa Rabbii kana wajjiin Nutis Qureeyshotaaf) daldala karaa dheeraa deemanii akka daldalatan bona (gara Kaabaa) fi ganna (gara Kibbaa) (sodaa tokko malee) akka aadaa godhatan waan taasifne,*

*Kanaaf (qureeshonni) Gooftaa mana kanaa (Ka'abaa) haa gabbaran. Isa (Rabbii) beela irraa isaan nyachisee fi sodaa irraa isaan tasgabbeesse." (Al-Qur'aan 106:1-4)*

*"Gaalonni cocolleen danuun, biyya Miidiyaanii fi biyya eefaatii dhufanii, biyya kee keessa in guutu; namoonni biyya Sheebaatii dhufan hundinuu, warqeedhaa fi ixaana fe'anii in fidu, galata Waaqayyoos in himu." (Macaafa Isaayaas Raajichaa)*

Raajiin kun Xiyoonitti raawwatamuu isaa kuffisuu ni dandeenya; maaliif yoo jedhame Sheebaan kan argamtu Yaman keessatti. Yaman irraa, biyya muslimaa tan taate irraa, daa'aan gaalotaa dachee Makkaa haguugee qabatamaan muldhataa osoo jiru akkamitti murtee akkananaa kennita? Biyyoota muslimaa akka Sheebaa jiran irraa danuun gaalotaa haguuggamuu gara Xiyoonitti yoomillee hin taane, fuuldurattillee hin ta'u.

*"Karri bushaayee Qedaar hundinuu siif walitti ni qabamu, korbeeyyiin Nabaayootis dhimma ati barbaaddu irra siif in oolu; isaan hundinuu aarsaa fudhatamoo ta'anii iddoo aarsaa isa kan Waaqayyoo irratti in dhi'eeffamu; Waaqayyo immoo manni ulfina isaatii ulfina akka argatu in godha." (Macaafa Isaayaas Raajichaa 60:7)*

Nabaayooti fi Qedaar maqaa ilmaan dhiiraa Ismaa'eel (Alayhis Salaam) kan angafaati fi kan lammaffaa ti. Daa'aa fi korbeeyyiin isaanii Makkaa tajaajilaa jiru. Raajichi kun sirnoota qalmaa gaafa Arafaa raawwataman kan nutti himu ta'uu isaa muldhisa. Sababni loojikaa/amansiisaan qabxii falmii tokko ykn ragaa sababa-qabeessa ta'e akka xinxallinuu fi daa'aa fi korbeeyyiin dachee Arabaa irraa ta'an Xiyooniin moo Makkaa

tajaajilaa akka jiran akka irra geettu si taasisa. Bataskaanni duuti Yesus Kiristoos kan galtee akka haqiinsa dilii ilmaan namaa kan xumuraa ta’etti amanti. Egaa, kun barbaachisummaa aarsaa Kakuu Moofaan tuqame hoongoo taasisa. Islaama keessatti beeyladoota wareeguun gocha baratamoo yeroo hunda waggaa waggaan itti fufu ta’a.

*“Isa dura namni si irraa goree, si jibbees ture, isa dur namni tokkoo illee si keessa hin darbine, amma immoo ani bara baraan surra-qabeettii sin godha, dhaloota hundumaafis iddoo gammachuu in taata;” (Mafaaca Isaayaas Raajichaa 60:15)*

Xiyoon tan dhiifamte hin turre; sababni isaatis isheen ka’uumsa seenaa irraa kaasee jiddu-gala siyaasaa, bittaa koloonitii fi hafuuraa ykn amantii turte. Garuu Makkaan akkana hin turre. Makkaan magaalaa sadarkaa addunyaa kan taate islaamummaan booda, jechuunis erga raajichi kun raawwatameen booda. Akkasumas isheen fuuldurattillee dhaloota hundaaf iddoo gammachuu ni taati.

## Qiblaa Mafaaca Qulqulluu fi Qur’aanaan

Jechi qiblaa jedhu Qur’aana keessatti faayidaa irra kan oole akka (Al-Qur’aan 10:87) irratti tuqametti kallattii salaataa eeruuf. Akkasumas irra caalaa haala waliigala ta’een Hajjiif kallattii xiyyeffannoo keenyaa ti. Al-Qur’aan 2:143 irraa akka dubbifnutti Rabbiin qiblaa jijjiiree jira, akkanuma jijjiirama kana keessa hordoftoota ergamtichaatiif qormaatatu keessa jira.

*“(Yaa Muhammad!) Ammas Nuti qiblaa ati irra turte (gara Baytal Maqdis garagaltee sagaduu karaa) hin*

*taasifne, nama (karaa) Ergamaa hordofu nama (Islaama irraa) koomee ufii irratti gara galu (ajaja nabiyyii didu) addaan baafnee beekuf malee." (Al-Qur'aan 2:143)*

Jechoonni "qiblaa ati irra turte san (wanta) birootiif hin goone" jedhan Rabbiin qiblaa jijjiiruu Isaa mirkaneessu. Jechoota "ati irra turte" jedhan keessatti akkaataa fayyadama xumura yeroo darbee qalbeeffadhaa. Qur'aanni waa'ee dhimma kanaa jechoota armaan gaditiin ibsa guutuu kenna:

*"Ammas iddoo (imalaaf) baate kamillee irraa yoo ta'e, fuula kee gara masjiida kabajamaa gara galchi. Sun dhugumatti dhugaa Gooftaa kee irraa ta'e. Rabbiinis waan isin hojjattan irraa daguu keessa hin jiru." (Al-Qur'aan 2:149)*

Jechoonni asi olitti Rabbiin warra amaneef qormaanni lafa kaaye kan walqabate eenyu qiblaa haarawa (Masjid Al-Haraam) akka hordofuu fi eenyu ergamticha diduun qiblaa moofaa irra akka turu mirkaneessu.

Kana malees, dhugaa biroo isa murteessaa ta'e keewwattoota biroo keessaa ni arganna. Qur'aanni wahyin osoo hin bu'in dura, akkasumas tarii immoo waggoota wahyichaa kanneen jalqabaa keessatti, dhugaadhaa qiblaawwan heddu akka turan Qur'aanni ni akeeka. Sababni isaatis Al-Qur'aana 10:87 bu'ura godhuun Rabbiin qiblaawwan durii akka ummattoota birootiif godhe wanta beeknuuf qiblaawwan isaannan hojii irra jiran keessaa muraastoonni Rabbiin kanneen godhamanii dha jechuu ni dandeenya, garuu muraastoonni tarii immoo akka carraan nam-tolchee jiraachuu danda'u fudhachuu qabna. Dubbiin ijoon, kanatti aansee akka ilaallamutti ummatni

kamiiyyuu qiblaa mataa isaa akka qabaataa ture Qur'aanni nutti hima. Kana irraa kan ka'e waggoota duraa, nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) salaata akka sagadan yeroo ajaja fudhatan qiblaa kamiin hordofuu akka qaban mirkanaayoo hin turre.

1. *"Ammas warreen kitaabni isaanif kenname odoo mallattoowwan (keewwatoota, raajiiwwan, wahyii, kkf) hunda qabattee itti dhuftellee, isaan qiblaa kee hin hordofan. Atis qiblaa isaanii hin hordoftu. Gariin isaaniis qiblaa isaan garii hin hordofan. Ammas beekumsa irraa (wanti Rabbiin si barsiise) erga siif dhufee booda ati fedha lubbuu isaanii odoo hordoftee, ergasii dhugumatti ati warreen miidhaa hojjatan irraa taata turte." (Al-Qur'aan 2:145)*

Keewwatni kun zamana nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akka qiblaan tokko oli ture murkaneessa. Akkasumas namootni kitaabaa adda addaa qiblaa mataa isaanii qabaataa turan. Kun jechoota armaan gaditti jiran irraa ifa:

*"Gariin isaaniis qiblaa isaan garii hin hordofan." (Al-Qur'aan 2:145)*

2. *"Hawaasa kamilleef jihaa inni (yeroo sagadu) itti gara galutu jira. Kanaaf toltuuwwan irratti wal dorgomaa. Eessallee yoo taatan, Rabbiin (guyyaa qiyaamaa) walitti qabeetin isin fida. Dhugumatti, Rabbiin waan hunda irratti danda'aa dha." (Al-Qur'aan 2:148)*

Keewwatni kun ammas qiblaan tokkoo ol akka ture mirkaneessa.

3. *"Muusaa fi obboleessa isaatittis (akkana jechuun) wahyii goonee jirra: "Isin lachanuu namoota keessan lamaanif Misratti manneen qopheessaa; manniin keessanis iddoo ibaadaa taasisaa; salaatanis dhaabbadhaa; mu'uminootas gammachiisi." (Al-Qur'aan 10:87)*

Keewwata kanaan jechi faayidaa irra oole jecha 'qiblaa' jedhu akka ta'e hubanna. Jechoonni "Manneen keessan gara qiblaa garagalchaa" jedhee ajaja "Salaatallee sagadaa" jedhu hordofsiisee jira. Kun kan nutti himu jechi qiblaa jedhu kallattii xiyyeffannoo waytii salaataa itti garagalamu ta'uu isaa ti.

4. *"Dhugumatti, Nuti deddeebi'ee gara samii mil'achuu fuula keetii arginee jirra. Dhugumatti, gara qiblaa ati jaalattuu si deebifna. Kanaafuu fuula kee gara masjiida kabajamaa (Ka'abaa) gara galchi. Eessas yoo taatan fuula keessan gara isaa gara galchaa. Warreen kitaabni isaanif kennames akka inni dhugaa Gooftaa isaanii irraa bu'e ta'e sirritti beeku. Rabbiinis waan isin hojjattan irraa daguu keessa hin jiru." (Al-Qur'aan 2:144)*

Keewwatni kun nama tokkoof, inni sun gara qiblaa kamii garagaluu akka qabu sammuu isaa qopheessuu kan hin dandeenyeef mallattoo kenna. Mirkanaayaa ta'uu dhabuun isaa kan muldhisu filannoon (qiblaawwan) heddu ta'uu isaa ti. Osoo qiblaan tokko qofa turee shakkiin hin jiraatuu ture. Akkasumas shakkii keewwatichaa qiblaa naannoo ofii hundeessuu irra

inumaayyuu qiblaa ummattoota biroo hordofuu dhabuu irra caalaa didiinsa dhabuu eera. Kun jechoota "(Amma) gara qibaa jaallattuu si garagalchina" jedhuun mirkanaayee jira. Jechoonni "Gara ati jaallattuu" jedhan kan muldhisan sana dursee nabi Muhammadiif (Sallallaahu Alayhi Wasallam) wanti isaan hin gammachiifne tokko kan ture ta'uu isaa ti. Nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) yeroo san amantii dhugaa qajeelfama Rabbiin irraa ta'een dhugaa hordofaa jiran wajjiin yoo ilaallamu, isa waaqeffannaa ballaayaa diinota isaaniitiin faallaa ta'e san, gochoota isaanii irraallee, kanniin keessaallee tokko qiblaa isaanii yoo ta'u, mataa isaanii kanniin hunda irraa bilisa godhuuf kan barbaadan ta'uu hubanna.

Walduraa duubni ta'iiwwanii akka armaan gaditti walitti ni qabama:

1. Yeroowwan Qur'aanaa kan duraati fi waggoota wahyii kanneen jalqabaatti qiblaawwan heddutu ture. Ummanni hundinuu qiblaa mataa ofii qabaataa ture. Muraastootni tarii immoo kanneen Rabbiin godhaman turan, garuu qiblaawwan kanniin keessaa muraastootni nam-tolchee ta'uu akka danda'an tilmama keessa galchuu qabna.
2. Yeroo wahyiin (ergaan samii) nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) irratti bu'utti Rabbiin qiblaan akka gara masjida Al-Haraam ta'u godhee jira.
3. Jijjiiramni qiblaa qormaata Rabbiin warra amaneef kaaye agarsiisa, sunillee eenyu akka ergamtichaaf ajajamuu fi qiblaa haarawa hordofuu fi takkaayyuu eenyu akka qiblaa moofaa irratti didiinsaan muxxanu addaan baasa.

## Qiblaaf Ragaalee Macaafa Qulqulluu

Ragaalee Qur'aanaa isaannan qiblaawwan jalqaba Qur'aanaatiif tuqaman, isaannan sagadni gara kallattiiwwan murtaayaa xiyyeffannoo akka godhaman eeran keewwattoota Kakuu Moofaatiin walbira qabuun mirkanaayuu ni danda'u.

1. Mafaaca Daani'el 6:10 waa'ee Daani'elii isa guyyaatti sagada sadih raawwatuu (gara Israa'eel ergamaa yoo ta'u) ni dubbifna. Gara kallattii Yerusaalem bakka garagaletti sagadni isaa akkamitti akka taasifame ni dubbifna.

*"Yammus Daani'el caaffatichatti milikkinni akka godhame beekee, gara mana isaatti, mana isaa keessaas gara kutaa isa mana irraatti, isa qaawwi isaa gara Yerusaalemitti garagalee banamee jirutti ol ba'e; akkuma dur guyyaatti si'a sadii gochaa tures Waaqayyo isaa dura jilbeenfatee in kadhate, galatas isaaf in galche." (Macaafa Daani'el Raajichaa 6:10)*

Akka ragaan Mafaafa Qulqullichaa muldhisutti sirni waaqeffannaa kun (gara kallattii Yerusaalem ta'uu qiblaa) zamana Solomooniiti fi zamana abbaa isaa Daawit kan jalqabame ture.

2. Mafaaca Mootootaa Isa Duraa keessatti Solomoonii fi ummattootni isaa Yerusaalemitti mana Waaqayyoof hojjete keessatti akkamitti akka kallattii manichaatiin sagadan (Maafaca Mootootaa Isa Duraa 8:22-24) irraa ni dubbifna. Keewwattoota kanniiniin Solomoon, tajaajiltootni Waaqayyoo, ummattootni Israa'eelitii fi

> Ahzaabin (miti-Isaara’eeli) inni (Waaqayyoon) gara magaalaa (Yerusaalem) filateetti, akkasumas gara kallattii manichaatti, achitti inni gara mana maqaa Waaqayootiin ijaare ta’etti garagalanii sagaduu akka qaban irra deddebi’uun ni dubbataa ture. Egaa kun yaada jiraatiinsa qiblaa muldhisa.

*“Kadhata ani garbichi kee gara iddoo kanaatti garagalee si kadhadhu akka anaaf dhageessutti, ijji kee halkanii fi guyyaa gara mana qulqullummaa isa ulfinni maqaa kee achi keessa akka taa’u goote kanaa haa ilaalu!” (Macaafa Mootootaa Isa Duraa 8:29)*

*“Waammata ani gabrichi kee fi Israa’el sabni kee gara iddoo kanaatti garagallee si waammannu waaqa irraa, iddoo jireenya keetiitii nuuf dhaga’iitii nuuf dhiisi!” (Macaafa Mootootaa Isa Duraa 8:30)*

*“Sababii isaan si yakkaniif bantiiwwan waaqaa cufamanii bokkaan lafa irratti roobuu yommuu dhiisutti, sababii cubbuu isaaniitiif rakkina yommuu isaanitti fiddu, isaan gara iddoo kanaatti garagalanii yoo si kadhatan, maqaa kees yoo waammatan, cubbuu isaanii irraas yoo deebi’an, yommus ati waaqa irraa isaaniif dhaga’i,” (Macaafa Mootootaa Isa Duraa 8:35-36)*

*“Tokkon tokkon isaanii rakkina yaada isaaniitti dhaga’ame kanaaf harka isaanii gara mana qulqullummaa kanaatti yommuu bal’isan, ati waaqa irraa iddoo jireenya keetiitii isaaniif dhaga’i, isaaniifis dhiisi!” (Macaafa Mootootaa Isa Duraa 8:38-39)*

*“Akkasuma immoo sanyii saba kee Israa’eel keessaa kan hin ta’in, namni ormi waa’ee maqaa keetii dhagayee*

*biyya fagootii in dhufa; namni waa'ee maqaa isa guddaa, irree kee isa cimaa kee isa bal'ifamaa dhaga'ee dhufee, gara mana kanaatti garagalee yommuu kadhatutti,"* *(Macaafa Mootootaa Isa Duraa 8:41-42)*

*"Waaqa irraa, iddoo jireenya keetiitii isaaf dhaga'i! sabni lafa irraa hundinuu akkumas saba kee Israa'eel maqaa kee akka beekanitti, akka si sodaatanitti, manni ani ijaare kunis maqaa keetiin akka waamamu akka beekanitti waan inni ormi sun si kadhatu dhaga'iif!" (Macaafa Mootootaa Isa Duraa 8:43)*

*"Sabni kee diinota isaaniitti duuluudhaaf gara ati itti isaan ergitu yommuu dhaqan, gara mandara ishee ati fo'atte kanaa fi gara mana qulqullummaa isa ani ulfina maqaa keetiif ijaare kanaatti garagalanii yommuu si kadhatanitti, ati waaqa irraa kadhata isaanii fi iyyata isaanii isaaniif dhaga'i, wanta isaan sitti himatanis raawwadhuuf!" (Macaafa Mootootaa Isa Duraa 8:44-45)*

(Madda: www.quran-islam.org/.../qibla old and new)

## Sirna Hajjii Islaamaa Macaafa Qulqulluun

Waytii hojiin barreeffama kitaaba kanaa adeemsifamaa turetti barreeffamni itti aanu madda hin beekkamne irraa nu gahe. Yommuu Mafaaca Qulqulluu fi "Sirna Hajjii fi Umraa" islaamummaa wajjiin walbira qabnu walsimannaan raajii/naadiraa akkanuma akka carraatti kan hin argamne ta'uu isaa irra geenne. Obbolessa keenya Saaylant Wisdami fi hiriyyaa isaa isaan odeeffannoo warqeedhaa kana nuuf dabarsaniif dinqisifannaa keenya ibsaa isaannan sammuu xinxalluu fi

akeekkachiifamuu qaban akka xinxallanii fi akeekkachiifaman kitaaba kana keessatti hammatuuf jaallanne.

*“Sila namni Rabbiif jecha yerowwan halkanii ka’ee sujuuda godhuu fi (salaataf) dhaabbatu, kan aakhiraa sodaatu fi rahmata Gooftaa isaa kajeelu (isa hin amanin wajjiin wal qixa ta’aa?) Jedhi: “Sila isaan beekanii fi isaan hin beekne wal fakkaatu moo?” Dhugumatti, isaan yaadatan (gorfaman) warreen hubannoo gaarii qaban qofa.” (Al-Qur’aan 39:9)*

Macaafa Hisqi’el Raajichaa (boqonnaa 40-47) keessatti isa isaaf Gooftaan (ykn malaa’ikaan) mul’ifameef bil’annaa isaa keessa godhee waa’ee imalichaa nutti hima. Ibsa isaa kan imala kana irraa qabxiilee armaan gadii walitti qabuu ni dandeenya:

*“Nuyi booji’amnee waggaa digdamii shanaffaatti, jalqaba waggichaatti, ji’icha keessaa guyyaa kurnaffaatti, mandarichi erga rukutamee waggaa kudha afuraffaatti, guyyaadhuma sana harki Waaqayyoo ana irra ture. Inni mul’ata Waaqayyootiin gara biyya Israa’elitti na geessee, tulluu baay’ee dheeraa gara harka mirgaatiin wanta akka ijaarsa mandaraa irra ture tokko irra na dhaabachiise.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 40:1-2)*

*“Yeroo inni achitti na geesses, ani namicha bifni isaa sibiila boorrajjii fakkaatu tokko nan arge; namichis fo’aa quncee talbaa fi ulee safaraa harkatti baatee; karra dura in dhaabata ture.”(Macaafa Hisqi’el Raajichaa 40:1-3)*

Barreessaan ilaalcha mataa isaatiin keewwattoota Hisqi’el lamaan kanniin sirna waaqeffannaa Hajjiiti fi umraa wajjiin walitti firoomsa; akka waytiin imala kanaa (jalqaba waggichaa,

ji'icha keessaa guyyaa kurnaffaa) ta'uu isaatiin. Kunillee ayyaana islaamaa wajjiin walfakkaata. Yahuudoonni akkuma muslimootaa hunda akkaataa lakkoofsa bara ji'aa fayyadamuu ture. Kanaafuu, guyyaan kudhanaffaan ji'a dhumaa gaafa Iida al-adhaati. Waytii Hajjiin gara Makkaa itti godhamu akka ta'ees sirritti beekkama.

*"Lewwoonni warri luboonni sanyii Zaadoq, warri yeroo ijoolleen Israa'el ana irraa jal'atan, iddoo koo isa qulqullaa'aatti gaafatamuu isaanii eegan garuu anaaf hojjechuudhaaf gara kootti in dhi'aatu; coomaa fi dhiiga sana anaaf dhi'eessuudhaafis fuula koo dura in dhaabatu, kana ana Waaqayyo gooftaatu dubbate." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 44:15)*

*"Warri iddoo koo isa qulqullaa'aatti lixan isaan, warri anaaf hojjechuudhaaf gara maaddii kootti dhi'aatanis isaan, wanta ani isaan abboomes kan eegan isaan." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 44:16)*

*"Isaan karra oobdii isa gara keessaa yommuu lixan uffata quncee talbaa irraa hojjetame haa uffatan! Karra oobdii isa gara keessaa sana keessaa yookiis mana qulqullummaa keessaa yommuu hojjetan garuu wanta rifeensa irraa hojjetame tokko illee hin uffatin!" (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 44:17)*

*"Marata mataa isa quncee talbaa irraa hojjetame mataa isaaniitti haa maratan, fiddoo dhagnatti aanus mudhii isaaniitti haa hidhatan; wanta isaan dafqisiisuunis hin hidhatin!" (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 44:18)*

*“Isaan oobdii isa gara duubaatti gara sabaatti yeroo gad ba’an immoo, uffata isa ittiin hojjechaa turan ofittii baasanii, kutaawwan manaa warra qulqullaa’oo keessa haa kaa’an! Isaan uffata isaanii sanaan qulqullummaa sabatti akka hin dabarsinetti, uffata kan biraa haa uffatan!” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 44:19-20)*

*“Lubni tokko illee oobdii isa gara keessaatti yeroo ol lixu daadhii waynii hin dhugin!” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 44:21)*

Dansaa dha, ibsi fakkii keewwattoota kanniinii haala maluun ifa bahaa dha. Hiikuu hin barbaachiisu. Akkanumaan akka yaadaatti: Hisqi’el warra Hajjii godhan ‘Lubnoota Lewwootaa’ jechuudhaan waamee jira. Sun kan ta’eef yeroo ilmaan Israa’eel daandii Rabbii irraa jallatanii deeman. (Kanaafuu, isaan ‘hujjaajootni ykn Hajjii raawwattootni’ Israa’eelota keessaayi miti.)

Yommuu isaan gara oobdii isa gara keessaa ol lixan akkaataa uffannaa isaanii ibsee jira: *“Isaan karra oobdii isa gara keessaa yommuu lixan uffata quncee talbaa irraa hojjetame haa uffatan! Karra oobdii isa gara keessaa sana keessaa yookiis mana qulqullummaa keessaa yommuu hojjetan garuu wanta rifeensa irraa hojjetame tokko illee hin uffatin! Marata mataa isa quncee talbaa irraa hojjetame mataa isaaniitti haa maratan, fiddoo dhagnatti aanus mudhii isaaniitti haa hidhatan; wanta isaan dafqisiisuunis hin hidhatin!”* Isaan kunniin shakkii tokko malee akkaataa uffannaa Hujjaajoota muslimaa ti…!!!

Ibsa Hujjaajoota ibsu kan dabalataa*: "Isaan oobdii isa gara duubaatti gara sabaatti yeroo gad ba'an immoo, uffata isa ittiin hojjechaa turan ofittii baasanii, kutaawwan manaa warra qulqullaa'oo keessa haa kaa'an! Isaan uffata isaanii sanaan qulqullummaa sabatti akka hin dabarsinetti, uffata kan biraa haa uffatan!"* Egaa kun 'Ihraama' jedhamee kan waamamuu dha.

Yaada Xumuraa: "(yoo xiqqaate) Hisqi'el sirna Hajjii keessa kan ture ta'a" … yaa salaa…m …!

*"Namichi anatti dubbatee, 'Kutaawwan manaa warri gara bitaa fi warri gara mirgaa warri fuullee oobdii jiran sun kutaawwan manaa qulqullaa'oo dha; luboonni warri gara Waaqayyootti dhi'aatan kennaa wanta hundumaa irra qulqullaa'aa ta'e achitti in nyaatu; iddoon sun qulqullaa'aa waan ta'eefis, kennaa wanta hundumaa irra qulqullaa'aa ta'e, kennaa miidhaanii, aarsaa sababii cubbuutiif dhi'aatu, aarsaa sababii yakkaatiif dhi'aatus achi in kaa'u'." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 42:13)*

*"Luboonni iddoo qulqullaa'aa yommuu lixan uffanni isaan ittiin achi keessatti hojjetan qulqullaa'aa waan ta'eef, uffaticha of irraa baasanii utuu hin kaa'in, achi keessaa gara oobdii isaa alaatti gad hin ba'in; isaan gara iddoo namoota warra kaaniitti utuu gad hin ba'in, uffata kan biraa uffachuun isaan irra jira' jedhe." (Hisqi'el 42:14)*

Hisqi'el keewwattoota kanniiniin aarsaa waytii Hajjii godhamu nutti akeekaa jira: *"Kennaa miidhaanii, aarsaa sababii cubbuutiif dhi'aatu, aarsaa sababii yakkaatiif dhi'aatus achi in kaa'u."*

Kana malees, jalqaba hajjii irratti waa'ee al-ihraam dubbata – *'isaan gara iddoo namoota warra kaaniitti utuu gad hin ba'in, uffata kan biraa uffachuun isaan irra jira.'* Kunniin uffannaa inni 44:17-19 keessatti ibsee dha.

Yaadannoo Fayyadu: waytii imala kanaa Hisqi'el iddoo sanii fi safara isaa akka qalbeeffatu Rabbiin itti himamee jira: … Mee haa dubbifnu:

*"Waaqayyoo immoo anaan, 'yaa mucaa namaa! Yaada kee irra kaa'iitii ija keetiin ilaali, waa'ee seerrata mana Waaqayyoo hundumaa, waa'ee seera isaa hundumaafis wanta ani siin jedhu hundumaa gurra keetiin dhaga'i! Ati warra manicha lixuun ta'uuf, warra iddoo qulqullaa'aa lixuu dhowwamanis yaadaan qabi'." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 44:5)*

*"Wanta ani Waaqayyo gooftaan jedhu mana Israa'el warra didanii ka'anitti dubbadhu! Waaqayyo gooftaan: 'yaa mana Israa'el, wanti ciiggaasisaan ati hojjettu hundinuu haa ga'u'." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 44:6-7)*

Haa ta'u malee, Rabbiin wanta akkanaa kan dubbatuuf maaliif? Deebiin isaa Qur'aana irraa argama. Suuraah (boqonnaa) Al-Baqaraa (sa'aa) irraa akka itti aanutti dubbifna:

*"Dhugumatti, Nuti deddeebi'ee gara samii mil'achuu fuula keetii arginee jirra. Dhugumatti, gara qiblaa ati jaalattuu si deebifna. Kanaafuu fuula kee gara masjiida kabajamaa (Ka'abaa) gara galchi. Eessas yoo taatan fuula keessan gara isaa gara galchaa. Warreen kitaabni isaanif kennames akka inni dhugaa Gooftaa isaanii irraa bu'e ta'e*

*sirritti beeku. Rabbiinis waan isin hojjattan irraa daguu keessa hin jiru." (Al-Qur'aan 2:144)*

Dhimmi jijjiiramiinsa qiblaa muslimootaaf akkaan joonjeessaa ture. Yahuudoonni Madiinaa keessa turan san dhimma isaanii kan dhuunfaatiif itti fayyadaman. Garuu akkanas ta'ee Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) Qur'aanaan isaan saaxila baase. Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa) akkana jedha: *"jarren isaannan kitaaba kennaman (Yahuudootaa fi Kiristaanootni) inni (jijjiiramni qiblaa) dhugaa Allaaha irra ta'uu isaa sirritti beeku."* Kana irraa kan ka'e Rabbiin Hisqi'eliin iddoo sanii fi ibsa isaa akka qalbeeffatu ajajun kitaaba isaanii keessatti akka isaan irratti ragaa ta'u godhee jira. Dhugaa dhaa erga kitaabonni isaanii faalamaniin boodas yoo ta'e ragaan kun akkuma jirutti itti fufee jira. *"Isaan nuti Rabbiin dursinee baay'ee fagaannee jirra jedhanii yaadu. Garuu Waaqayyoon wanta hundaan isaan marsa."*

Waggaa waggaan … dhimmi achi jiru wanta fedhes yoo ta'e guyyoota lamaan keessatti (Iid al-adhaa fi imala Hisqi'el) jidduu walfakkeenyi ni jira. … Seenaan hafe wantoota irra caalaa ifa godha.

Iddoo san ilaalchise – dansaa dha – mee haa dubbifnu:

*"Inni mul'ata Waaqayyootiin gara biyya Israa'elitti na geessee, tulluu baay'ee dheeraa gara harka mirgaatiin wanta akka ijaarsa mandaraa irra ture tokko irra na dhaabachiise." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 40:2-3)*


"Magaalattiin tun dachee Israa'eel irra gara kibbaatti ni argamti, achitti tan gaarreeniin marfamtee dha." Magaalaan tun eenyu isheen? Shakkii tokko malee Makkaan dachee Israa'eel

irraa gara kibbaatti argamti. Akkasumas gaarreeniin tan marfamtee dha. Ammas gama iddoo san ibsuutiin odeeffannoowwan Hisqi'el dabalataan mata-duree itti aanu "Ka'ibaa Macaafa Qulqulluu Keessatti" jedhamuun ibsama.

## Ka'ibaa Macaafa Qulqulluu Keessatti

Bulchiinsa Hijaaz naannoo kibba Arabiyaa, gabra diimaa irraa fagoo osoo hin ta'in magaalaan Makkaa ni argamti. Handhuura magaalaa tanaa keessatti gamoon rog-afree dhagaacha irraa hojjetame tokko ni argama. Irraa olii gara faana 60, baldhina gara faana 60 ti fi dalgee gara faana 60 ni ta'a. Zamana durii irraa eegalee magaalaan tunii fi manni dhagaacha irraa hojjete kun imaltoota addunyaatiif ni beekkamu. Kun beytullaaha dha. Mana Allaahaati. Qulqullummaa fi turummaan isaa seenaa mataa isaa caalaa kan durii ti.

Ka'ibaan Mafaaca Qulqulluu keessatti akka tuqametti bocni isaa rog-afree dha.



Hisqi'el yommuu boca iddoo kanaa ibsu:

*“Namichi manicha qulqullummaa karaa keessaa safaree erga fixee, karaa karra isa gara ba’a-biiftuutti garagaluu gad na baasee, naannoo sanas in safare.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 42:15)*

*“Inni cinaacha isaa gara ba’a-biiftuutiin ulee safaraa sana dhibba shan in safare.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 42:16)*

*“Akkasumas garagalee gara bitaatiin ulee safaraa sana dhibba shan in safare.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 42:17)*

*“Kana booddees garagalee gara mirgaatiin dhundhuma dhibba shan ulee safaraatiin in safare.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 42:18)*

*“Booddee immoo gara gara lixa-biiftuutiin garagalee ulee safaraa sana dhibba shan in safare.”(Macaafa Hisqi’el Raajichaa 42:19)*

*“Akkasitti naannoo sana gara arfanuutiin in safare; iddoon sun isa qulqullaa’aa isa hin qulqullaa’inittii gargar baasuuf naanna’ee dallaa dheerinni isaa dhundhuma dhibba shanii, bal’inni isaas dhundhuma dhibba shanii qaba ture.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 42:20)*

Akkaataa boca kanaatiin iddoon kun rog-afree dha.

*“Dheerina kutaa isa keessaa sana yommuu safare dhundhuma digdama ta’e; bal’inni isaas gara iddoo isa qulqullaa’aa sanaan yommuu safare dhundhuma digdama ta’e; ergasii, ‘inni kun iddoo isa hundumaa caalaa qulqulluu dha’ naan jedhe.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 41:4)*

Akkaata ibsa iddoo qulqullummaa kanaatti yoo ta'e bocni isaa rog-afree dha. Akkasumas Ka'ibaan akkanuma gamoo rog-afree akka ta'e sirritti beekkama. … Gonkumaa amantii Yahuudaa ykn kiristaanaa keessa mana qulqullaa'aa kamiiyyuu ta'ee kan boca walfakkaatu qabu ni jiraa? Dabalataanillee Hisqi'el babaldhina manichaa raagee jira. Mee haa dubbifnu:

*"Kutaawwan manaa garasii fi garanaa kunis seqqoo sadiitu wal irratti ijaarame, seqqoon tokkoon isaa kutaa soddoma qaba; irkoon kutaawwan manaa bukkee garasii fi garanaa sun keenyan mana qulqullummaa sanatti naanna'ee as ba'ee taa'u, kutaawwan manaa sanaaf irkoo ta'ee jira. Kutaawwan manaa bukkee garasii fi garanaa sun akkuma bal'ina wanta akka gardaafoo mana qulqullummaa sanatti naanna'ee jiruutti seqqoo isa jalaatti gara seqqoo isa irraatti yommuu ol adeemu kutaan isaas bal'achaa in adeema;" (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 41:6-7)*

*"Kana booddee namichi gara balbala mana qulqullummaatti deebisee na fide; manni qulqullummaa gara ba'a-biiftuutti garagalee waan jiruuf, buusaa balbala mana qulqullummaa sana jalaa bishaan burqee gara ba'a-biiftuutti utuu yaa'u nan arge; bishaanichis iddoo aarsaa irraa harka mirgaa, cinaacha mana qulqullummaa isa gara mirgaa jalaa in yaa'a ture." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 47:1)*

*"Ergasii immoo karaa karra gara bitaa gad na baasee, dugda duubaan gara isa gara ba'a-biiftuutti garagalutti na geesse; bishaanichis karaa gara mirgaa irra alatti in yaa'a ture." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 47:2)*

*"Namichi ulee safaraa isaa of harkatti qabatee yeroo gara ba'a-biiftuutti ba'e, dhundhuma kuma tokko in safare;*

*ana immoo bishaanicha isa gulubii ga'u sana keessa na adeemsise;" (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 47:3-4)*

*"Dhundhuma kuma tokko immoo safaree, bishaanicha keessa na adeemsise; bishaanichis jilba in ga'a ture; ammas dhundhuma kuma tokko safaree bishaanicha keessa na adeemsise; bishaanichis mudhii in ga'a ture." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 47:4)*

*"Itti dabalees dhundhuma kuma tokko in safare; bishaanichis ol ka'ee; kan namni daakaadhaan malee ce'uu hin dandeenye waan ta'eef, anis keessa adeemee ce'uu hin dandeenye." (Macaafa Hisqi'el Raajichaa 47:5)*

Dansaa dha, keewwattoota kanniiniin Hisqi'el marsaa manichaa adeemuu isaa nutti himaa jira. Akkasumas haala sirrii ta'een gama sirna Hajjii muslimaa cinaatiin, garuu manicha jalaan bishaan argate, bishaan akkamiiti? …

Bishaanichi gad fagoon sun manicha jalaa gama mirgaatii fi aarsaa irraa gara kibbaatiin kan yaa'u yoo ta'u (fuulduratti kan ibsamu ta'a) …!

Ibsi isaa kan bishaan kanaatii fi haalli akkamitti gad fagoo akka ta'e ittiin ibse kun haala sirrii ta'een bishaan zamzamaa muldhisa … bishaan zamzamaa Makkaa fi naannoo isheetti faayidaa irra erga oolee amma waggoota 1400 ol ta'ee jira. Ammas haala dansaa ta'een gad fagoo (hedduu) dha …!

Ibsa bishaanichaa kan Hisqi'el ilaalchisee nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akkana jechuun isaanii gabaafamee jira:

*“Allaahaan haadha Ismaa’eel irratti mararfannaa Isaa haa buusu! Zamzama osoo dhiiftee turtee (isa too’achuuf yaalii osoo hin godhin osoo yaa’ee turee) (ykn isheen bishaan san irraa waraabuu baattee) (jechuunis qodaa ishee kan bishaanii guuttachuuf) silaa zamzamni burqaa fuula dachee irra yaa’u ta’aa ture.”*

*“Itti dabalees dhundhuma kuma tokko in safare; bishaanichis ol ka’ee; kan namni daakaadhaan malee ce’uu hin dandeenye waan ta’eef, anis keessa adeemee ce’uu hin dandeenye.” (Macaafa Hisqi’el Raajichaa 47:5)*

Kanaan olitti kan jiru ibsi mana Rabbii mana qulqullummaa Solomoon ijaare haala maluun ni muldhisaa? Deebiin isaa “miti” kan jedhuu dha. Mee mana waaqeffannaa Solomoonii Ka’ibaa wajjiin haala itti aanuun walbiratti haa madaallu:

*“Manni qulqullummaan Solomoon mootichi Waaqayyoof ijaare dalga dheerinni isaa dhundhuma jaatama, garaan isaa dhundhuma digdama, irraan-oleen isaa dhundhuma soddoma.” (Macaafa Mootootaa Isa Duraa 6:2)*

Haa ta’u malee, Ka’ibaan dalgeen isaa gara faana 60, garaan isaa gara faana 60 tii fi irraa-oleen isaatis gara faana 60 ti.

Akka ibsa mana qulqullummaa Solomoonitti yoo ta’e, isa Hisqi’el 40-43 keessatti ibsame irraa akka addaan jiru haala maluun ifa bahaa dha. Kun Hisqi’el mana qulqullummaa Yerusaalemitti argamu kamiiyyuu ibse jechuudhaan kan ka’u yaaliiwwan falmii hundaa hoongoo ni taasisa; maaliif yoo jedhame mana rog-afree wanta hin turniif.

Mana qulqullummaa Macaafa Qulqulluu keessatti tuqame isa rog-afree ta'e Ka'ibaan alatti fuula dachee irratti eessatti akka dhugu'oomfame namni nutti agarsiisuu danda'u ni jiraataa?

## Ati Hoo Isa Beektaa?

Nama kana beekuun si barbaachisa; namni kun eenyu?

Hojjettotni suuraa bifa ajiitiin dhihaatuu (cartoonists) suuraalee isaa kofalchiisaa hojjetanii jiru. Namootni qaroowwan isaan nama guddaa jechuudhaan faarsanii jiru. Ummatni biliyoona 1.5 caalu isaan ergamaa Allaaha ta'uu isaanii ragaa bahanii jiru, ni bahuus.

### Insaaykiloopidiyaa Biriitaanikaa

"… Maddeen durii hedduu keessa kan jiru dhugaan baldhaan inni nama amanamaa fi qajeelaa ta'uu muldhisu, inni kan kanneen biroo, isaaniillee haaluma walfakkaataa ta'een namoota amanamtootaa fi qajeeltoota turaniin kabajaa fi amanamummaa kan argatee dha." (Qabee 12)

"Muhammad nabiyyootaa fi namoota amantii hundumaa caalaa kan milikaayaa ta'ee dha."

### Joorj Barnaand Shaawu

➔ "Ani yeroo maraa amantii Muhammad tilmama ol'aanaan qabadha; sababni isaatis barbaachisummaa isaa akkaan dinqisiisa ta'u irraa ka'uun. Inni amantii tokkicha qofaa ti, kan sadarkaa jireenya jijjiiramaatiif dandeettii walfudhachuu akka qabaatu anaaf kan natti mul'atu, isa

yeroo/waytii/zamana/umrii hunda keessatti mataa isaa simataa godhuu kan dandeettii qabuudha ta'e sani."

- → "Isa nan qoradhe, 'nama dinqisiisaa fi akka ilaalcha kiyyaatti farra-Kiristoos ta'uu irraa kan fagaatee dha, inni fayyisaa ilmaan namaa hundaa jedhamee waamamuu mala.'"

- → "Ani akka amanutti namni isa fakkaatu abbaa irrummaan addunyaa hammayyaa kan bulchu yoo ta'e, isa akkaan barbaachisaa ta'een daandii nageenyaa fi gammachuu fiduu danda'uun rakkowwan hiikuun milikaayaa ni ta'aa ture."

- → "Ani waa'ee amantii Muhammad kan raagu, Awurooppaa boruutiif fudhatamummaa qaba, akkuma Awurooppaa har'aatiin fudhatamummaa argachuu eegale hundaa."

- → "Waggoota dhibban dhufan keessatti amantiin kamiiyyuu Ingiliiziin bituuf yoo carraa qabaate, Awurooppaan osoo hin hafin, inni islaama ta'a."

(Sar Joorji Barnaard Shaawu "Islaama Dhugaa Keessatti" Qabee 1, Lak. 8, A.L.A 1936)

## "Inni Raawwatee Jira"[16]

- → Inni namoota dachee tana irra deeman keessaa haala mirkanaayaa ta'een nama ajaa'ibaa ture.

[16] Yaadannoo Qopheessaa

- ➔ Inni amantii lallabee jira, bulchiinsoota hundeessee jira, ummata ijaaree jira, danboota naamusaa diriirsee jira, jijjiiramoota hawaasummaa fi siyaasaa heddu hoogganummaan eegalee jira.

- ➔ Barmoota isaa akka hojii irra oolchanii fi akka bakka bu'an hawaasa irree qabuu fi cimaa hundeessee jira, akkasumas fuulduratti kan dhufu yeroo hundaaf addunyaa ilmaan namaa kan ilaalchaati fi amalaa guutumaan guututti jijjiiree jira. Eeyyeen! Inni nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ture.

## Ergaan Isaa Kan Hin Danda'amne!

Inni kan dhalate Arabiyaa keessatti bara 570 ture, ergaan isaa kan amantii dhugaa lallabuu, islaama (Rabbii tokkicha qofaaf harka kennuu/ajajamuu, Isa qofa gabbaruu) waggaa afurtamatti eegale. Akkasumas waggaa jahaatami sadihitti addunyaa kana irraa godaane.

Waggoota 23 nabiyyummaa isaa gabaabduu tana keessatti dachee dugda-gala-bishaan Arabiyaa akka jiruun jijjiiree jira.

- ➔ Gabbariinsaa taabootaa ykn waaqayyooliiti fi gochoota shirkii adda addaa irraa gara Rabbii tokkicha dhugaa qofa gabbaruu,

- ➔ Waldhabiinsaa fi walwaraansa gosootaa irraa gara tokkummaa fi walitti makamiinsa biyyoolessaa,

- ➔ Araada dhugaatii macheessuu fi salphinna irraa gara yaada qabaachuu fi amantiin buluu,

- ➔ Seera dhabiinsaa fi jeequmsa irraa gara akkaataa jireenya karooraan jiraachuu,

- ➔ Kasaaraa akkaataa haasawaa irraa gara ulfinna naamusa sadarkaa ol'aanaa,

Seenaa ilmaan namaa keessatti jijjiirama/cee'umsa hawaasaa isa waliigalaa ykn iddoo akkanaa kana sanaan dura ykn booda gonkumaa hin beekkamu.

- ➔ *Qalbeeffadhaa! Raajiiwwan hin amanamne kunniin hundinuu waggoota kurna lama qofa keessatti!*

## Qeesiin/Barreessaan Kabajamaan Riginaald Bosworz Simiiz

"Inni yeroo tokkoon Qeesaaraa fi adda-duree phaaphaasaa ture; garuu inni akka adda-duree phaaphaasaa kan hin fakkeessine amala nan jira jechuu malee adda-duree phaaphaasaa ture, akka qeesaaraa hoomaa ykn ummata heddu osoo hin qabaatiin qeesaara ture: seera kabachiisaa, hoomaa idilee osoo hin qabaatiin, waardiyyaa malee, masaraa malee, galii murtaayayaas kan hin qabne ture. Namni kamiiyyuu ani qajeelfama waaqeffannaa sirriitiin hooggana mirga jedhu yoo qabaate, inni Muhammadiin ture; sababni isaatis inni meeshaa fi deeggaraa isaa malee humna hundaa ni qabaa ture."

## Mikaa'el Ech. Hart

Isaan hunda irraa filatee yommuu sadarkaa tokkoffaa irra isaan kaaye akkana jedhee ture:

“Addunyaa keessatti akka tarreeffama namoota akkaan jijjiirraa uuman keessaa akka hangafu filannoon kiyya kan Muhammad sadarkaa tokkoffaa ta’uu dubbistoota muraastoota dinqisiisuu, akkasumas tarii immoo kanneen biroo gaafii kaasiisuu ni danda’a. Garuu inni seenaa keessatti lachunuu, sadarkaalee amantiiti fi addunyaatiin nama tokkicha qofaa haala ol’aanaan milikaayaa turee dha.”

(The Hundred, A Ranking of the Most Influencial Persons in History, New York, 1987, Fuula 33)

## Napooliin Bonaaparte

“Ani abdii kan godhu yeroon akka fagoo hin taanee dha – anaa fi biyyoota hundatti kanneen argaman namoota qaroowwanii fi baratan qajeelfama Qur’aanaa irratti kan hundaaye akka sirna bifa tokko ta’e akka hundeessinuu fi qajeelfamoonni dhugaa kunniinis kanneen namoota gara gammachuu hooggananii dha.”

(Christian Cherfils’ Bonaparte et islam keessatti mallattoo waraabbii keessa kan taa’e irraa kan fudhatame /Paris 1914/)

### Laamaartin

Hayyuun beekkamoon seena, waa’ee hangaftummaa ilmaan namaa barbaachisummaa dinqisiifannaa yoo dubbatu:

“Kaayyoo guddaa madda galii gad aanaatiin argamsiisuu danda’uu fi bu’aalee ajaa’ibsiistoota galmeessuun – sadeen ulaagaa ciminna ilmaan namaa yoo ta’an, seenaaa hammayyaa

keessatti eenyu inni nama guddaa kamiiyyuu Muhammad wajjiin waldorgomsiisuuf ugguu kan danda'u?"

"Namoonni akkaan beekkamoon kan hojjetan hoomaawwan, seerotaa fi bulchiinsota qofa ture. Isaan wanti hunduu guutumaan guututti yoo ta'ellee hundeessanii jiru, ta'ullee kunniin humnoota meeshaa kanneen caalan hin turre, isaannan yeroo baay'ee ija isaanii fuul duratti kanneen diigaman ta'u. Namni kun kan sosochoose hoomaawwan, seerota, bulchiinsota, ummattootaa fi mootummaalee hiddaa qofa hin turre, garuu kanneen miliyoonotatti lakkaayaman, yommuu sanitti harka tokko-sadaffaa kutaa addunyaa irratti kanneen qobatanii turan; akkasumas san caalaa aarsaawwan, gabbaramtoota/waaqayyoolii, amantiiwwan, yaaddan, amantiilee fi lubbuwwan … sosochoosee jira."

"Injifannoo keessatti obsa inni qabu, fedhiin isaa, isa yaada tokkoof harka kennee fi haala kamiinuu gita bittaatiif qabsaayuu dhabuun isaa; kadhannaan isaa kan daangaa hin qabne, Rabbiin wajjiin haasawa isaa kan iccitii, du'a isaati fi du'aan booda injifatummaa isaa; kunniin hundinuu dhugaa mirkaneessuu, kanneen qaama sobaatiif hin malle ta'uu isaanii, sirumaayyuu amantii gad dhaabataaf, isaannan seera haaromsuuf kanneen isaaf humna kennaniidha. Falaasfaa, qo'ataa hidda wantootaa, ergamaa, seera-tumaa, loltuu, moo'ataa ilaalchotaa, haaromsaa seera loojikaa, gocha waaqeffannaa suuraa malee, hundeessaa mootummootaa dachee digdamaa, akkasumas mootummaa mana samii tokko yoo ta'u, sun Muhammad ture. Safartuuwwan hundaa hangaftummaa ilmaan namaa ittiin safaran ilaalchisee, tarii immoo haala maluun gaafachuu ni dandeenya, gonkumaa namni hangafaa isa caalu tokkos jiraataa?"

(Alphonse De Lamar Tine, Histoire De La Turquie, Paris, 1824, Qabee 2, Fuula 276-277)

## Addunyaan Namummaa Ol'aanaa Kana Irraa Qooda Mataa Ishee Qabdi

Haa ta'u malee, kunniin odeeffannoowwan haqa hin ta'inii dha – isaannan mataa isaanii ogummaa tokko ykn lamaan beekkamoo taasisan, kanneen akka ilaalcha amantaa ykn hoogganummaa hoomaa jiraniin.

Namummaan addunyaa gurguddaan kunniin akkaataan jireenyaa fi baruumsi isaanii hurrii yeroo keessatti haguuggamanii jiru. Waa'ee yeroo fi iddoo dhaloota isaanii, waa'ee akkaataa fi haala jireenya isaanii, waa'ee amalaa fi tarreeffama barumsa isaanii akkasumas sadarkaa fi safartuun milikaaynaa fi kufnana isaanii tilmaama baay'eetu jira. Barumsa namoota kanniinii irra deebi'anii haala sirriitiin ijaaruun ilmaan namaatiif kan hin danda'amnee dha.

## Piroofesar Hargironj

"Liigiin ummattootaa kan nabiyyicha islaamaatiin hundeeffame tokkummaa sadarkaa addunyaati fi obbolummaa ilmaan namaatiif yaada-bu'uraa lafa kaayee jira. Akaakuu hundeewwan sadarkaa addunyaa irratti ummattoota birootiif akka ifnana muldhisaniifi. Inni itti fufa … 'dhugaan isa sana, ilaalcha liigii ummattoota gama dhuguu'omsuutiin ummanni addunyaa kamiiyyuu kan islaamni hojjetu wajjiin walfakkaataa muldhisuu hin danda'u.'"

## Edwaard Gibooni fi Simoon Oklii

"Ani Gabbaramaa tokkoo fi ergamaa Rabbii Muhammaditti nan amana" qajeelaa fi kan addaan hin bane bu'ura amantii islaamaa ti. Suuraan sammuu waaqeffannaa Rabbii taabota ykn waaqayyoolii muldhatu kamiinuu hin salphifamne, kabajaan nabiyyichaa safartuu gaarummaa ilma namaa gonkumaa daangaa hin darbine, akkasumas qajeelfamni jireenya isaa galata/faaruu isaa sansalata amantaati loojikii keessatti jabeessee too'atee jira."

(History of the Saracen Empires, London, 1870, Fuula 54)

## Toomaas Kaarlaayil

Kitaaba isaa "Heroes and Heroworship, Goototaa fi Waaqeffannaa Isaanii" jedhu keessatti:

"Kijiboonni (maqaa balleessaan warra dhihaa), isaannan nama qajeelaa kana (Muhammad) marsaa isaatti tuulaman, nuti qofti kan ittiin qaanoofnuu dha … qaaneessitoota … akkamitti namni tokko kophaa isaa ta'ee, gosoota walwaraananii fi godaantuuwwan asi achi naannayan yeroo waggoota kurna lamaa gad ta'e keessatti gara ummata jajjabooti fi qaroomee jijjiiruu danda'e; … inni abbaa lubbuu guddoo, sanniin keessaa tokkos ta'uu kan hin dandeenye, garuu qajeelaa ta'uu isaatiin ture. Inni addunyaa kakkaasuuf ture, hojjetaan addunyaa tanaa akka kana godhu isa ajaje."

## Ilma Namaa Ture[17]

Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ilma namaa kan caale ykn isaa gad kan ta'e homaayyuu hin turre. Garuu inni nama turee ergamiinsa kabajamaa wajjiin, isa ilmaan namaa wajjiin tokko godhuuf, Gabbaramaa tokkoo fi Isa kophaatiif akka ajajamanii fi ajajoota Gabbaramaa irratti hundaayee gara daandii jireenyaa isa akkaan mijaayaa fi qajeelaa ta'ee isaan barsiisuuf. Inni yeroo hundaa akkana jechuun mataa isaa ibsa: 'ani gabrichaa fi ergamaa Rabbii ti'. Egaa akkanuma gochi isaa tokkon tokkon isaa dhugaa dhaa kana ta'uu isaa labsa."

"Addunyaan, namoonni dhuunfaa isaannan akkaataan jireenyaa fi ergamiinsa isaanii oduu durii keessatti gatame gara waaqeffannaa ol ka'uun of hin hifanne. Akkaataa dubbannaa seenaatiin, oduuwwan durii kanniin keessaa tokkoon isaaniillee kan Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) raawwate qoqqodama isaatuu galmaan hin geenne. Akkanuma qabsoowwan isaa hundinuu kan turan kaayyoo hangaftichaatiif, ilmaan namaa danboota naamusa gaarii irra ta'anii akka Gabbaramaa tokko qofa gabbaran tokko godhuu dha."

"Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) akaakuu kanaan gosoonni ilaalchaa fi amala ilmaan namaa adda addaa haala guutuun seenaan ilmaan namaa walqabsiise keessatti kanniin hunda raawwate."

"Jireenyi isaa kan dhuunfaati fi haasofni ummataaf godhan tarreeffamni haala sirriitiin galmeeffamee jira, akkasumas amanamummaan hanga guyyaa keenyaa eeggamanii jiru.

[17] Yaadannoo Qopheessaa

Galmeewwan eeggaman kunniin sirromummaa isaaniitiif ragaan bayameef jira, hordoftoota isaanii amanamtootaan qofa osoo hin ta'in, inumaayyuu ajiifattota isaanii madaalamtoota hin ta'iniin osoo hin hafin."

**Maahtama Gaandii**

"Young India…" keessatti akkana jedha:

"Ani beekuuf kan barbaadu, filatamtoota keessaa tokko inni jijjiirraa har'aa kan hin shakkamne onnee ilmaan namaa miliyoonootaa keessatti too'atee kan jiraachise … haala mirkanaayaa ta'een kan dubbadhu, sunillee seera/sirna jireenyaa keessatti guyyoota sanniinitti islaamaaf iddoo kan argate sayfii hin turre. Qajeellummaa sirrii, gonkumaa ofjaalachuu dhabuu nabiyyichaa, waadaa seenuu ilaalchisee of eeggannaa ol'aanaa, ugginsi isaa, sodaachuu dhabuun isaa, amantii qulqulluu inni Rabbii fi ergamiinsa isaa irratti qabu ture."

**Saarojinii Naaydu**

Dubartiin beekkamtuun ciigoo lammii Hindii akkana jetti:

"Amantaa duraa ture, kan dimookraasii lallabee fi hojii irra oolche sun; sababni isaatis masjida keessatti, yeroo waamichi salaataa dhagayamee fi waaqeffatootni walitti qabaman, qotee bulaa fi mootiin wal cinatti jilbiiffatanii 'Guddaan hundaa olii Rabbi qofa' jedhanii yoo labsan dimookraasiin islaamaa guyyaa keessatti yeroo shan hojii irra oola."

(S. Naidu, Ideals of Islam, Vide Speeches & Writings, Madras, 1918)

## An-Nii Basaant

“Jireenyaa fi Baruumsa Muhammad” keessatti akkana jetti:

“Isa nabiyyicha Arabiyaa hangafticha san jireenyaa fi amala isaa nama qoratu kamiiyyuuf kan hin danda’amne … homtuu itti dhageessisuu, garuu jajjaboo saniif miiraan maluuf faaruu malee kan birooti miti. Ergamtoota Rabbii jajjaboowwan keessaa tokkoo fi guddaa kan ta’eef, akkasumas wanta ani isiniif lafa kaaye san keessaa ani wantoota baay’ee dubbachuu ni danda’a tarii immoo isin kanneen keessummaa hin taane. Yeroo hundaa barsiisaa Arabiyaa jajjaboo saniif waa’ee isaa kan natti dhageessisu amma ana mataa kootiin natti dhageessisa, yeroo kamiiyyuu irra deebi’ee yommuu isaan dubbisu daandii dinqisifannaa haarawa, miiraa faarfannaa haarawatuu (natti dhagayama).”

“Har’a erga jaarraan kudha afur darbeen booda barumsi jireenya nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) hir’ina akkaan gad aanaa malee, jijjiirama homaatuu malee giddu-galiinsa homaatuu malee jiraataa ta’anii jiru. Dhukkuba ilmaan namaa heddu waldhaanuuf, isaan akkuma yommuu inni lubbuun jiru hojjetanitti har’allee abdii walfakkaataa hin duune gumaatu.”

“Kun falmii hordoftoonni Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) nu’iif mala jedhanii miti, garuu akkanumaan jalaa dheessuu kan hin dandeenye yaada xumuraa, seenaa isa murteessaa fi logii maleen humnaan ykn dirqamaan namarratti fe’amee dha. …”

“Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) barsiisaa, haaromsaa hawaasaa, qajeelchaa naamusaa, guddina bulchiinsaa, hiriyyaa amanamaa, hiriyyaa hojii gaarii, abbaa warraa jaallatamaa – hundumaa al tokkoon ture.”

“Haallen jireenyaa isaannan adda addaa kanniin keessaa seenaa kamiinuu namni biroo kamuu isa gonkumaa caaluu ykn isaan walqixa ta’uu hin danda’u. Garuu Muhammadiif (Sallallaahu Alayhi Wasallam) sirromummaa akkanaa kanneen hin amanamne kanniin fiixaan gahuuf namummaa of jaallachuu dhabuu qofa ture.”

## Laan Puul

“Haasawa Nabiyyichaati fi Marii Minjaalaa” jedhu keessatti:

“Isaannan namoonni inni eegeef eegaa akkaan amanamaa ture. Marii keessatti akkaan mi’aayaa fi akkaan waliigalaa ture. Isaannan isa argan sunniin tasa faaruun guuttamu; isaannan isa bira dhufan isa jaallatanii jiru; isaannan isa kan ibsan akkana jedhu: ‘ani fakkaataa akka isaa tanaan dura ykn kanaan booda gonkumaa hin argine.’ Inni abbaa caldhiinsa ol aanaa ture. Garuu yommuu dubbate xiyyeffannoo fi of eeggannoon ture, egaa namni kamuu wanta inni dubbate irraanfachuu hin danda’u. … ”

## Waashingitan Irving

“Injifannoon isaa kan hoomaa, osoo dhiibbaa of jaallachuu keessa seenanii turanii akka godhanitti, boontummaas ta’ee of jajuu hoongoo hin kakkaafne. Yommuu humna/aangoo guddaa

isaa keessatti inni amala qajeelummaa fi naamusa walfakkaataa eegee itti fufee jiraa, akkuma yeroo isaa kan qormaataa turetti. Isaaf kan maluun ol kabajaa kennuun isa mufachiisaa ture. Hanga ammaa bulchiinsota mootii dhiibbaa jala godhuu isaa wajjiin yommuu gara kutaa seenu isaaf kan hin baratamne kamiiyyuu waa'ee kabajaa isaa faaruun isaaf kan birootiin yoo mul'ifame inni ni mufata."

## Piroofesar Julas Messarmaan

Waldaha Waldhaansa Sammuu Ameerikaa:

"Namoonni akka Liwus Paastari fi Saalk fakkaatan sadarkaa hiikkaa jalqabaa keessatti hooggantoota. Namoonni Gaandii fi Konfishiyas fakkaatan, cinaa gama tokkootiin, kanneen akka Aleksaandar, Qeesaari fi Hitlar lammaffaan cinaa gama birootiin, tarii immoo hiikkaa sadaffaatiin hooggantoota. Yesusi fi Budhaan kophaa isaanii ramaddii sadaffaa keessatti hammatamu. Tarii immoo hoogganaan hangafaa yeroo hundaa Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ture, isa hundaa hojiiwwan sadeenuu bakka tokkotti walitti qabate. Sadarkaa gad aanaan, Muuseen wanta walfakkaataa hojjetee jira.'

Amma mee xinnoo haara galfadhaa …

Mee yeroo muraasaaf haa yaadnu …

Mee mataa keenya haa gaafannu …

Akka ilma namaa isa yaaduuti fi anas na ilaallata jedhutti ati godhuu kan dandeettu wanti akkaan gad aanaan gad dhaabbachuu fi mataa kee gaafachuu dha: "Isaannan akkaan

dinqii fi dubbiiwwan safartuu gad fageenyaa warraaqsiisaa ta'an shakkii tokko malee dhugaa ni ta'uu?" Isaan shakkii tokko malee dhugaa dha, atis nama kana Muhammadiin (Sallallaahu Alayhi Wasallam) hin beektu ykn waa'ee isaallee kan hin dhageenne hin turre jettee tilmamuun ati qormaataa guddaa kanaaf yeroo deebii itti kennituu fi yeroo isa beekuuf carraaqqii murtaaye itti gootuu miti?

Homaa si hin kafalchiisuu, garuu tarii immoo jireenya nama tokkoo keessatti guutumaan guututti mirkanaayummaa jalqaba zamana haarawaa ta'uu ni danda'a, kan muslimaallee yoo ta'e.

Waliin gahuuf kan hin danda'amnee dha: kan namni sun jaarraa 7ffaa keessatti hojjete, namoota sadarkaa addunyaatti akkaan beekkamoo ta'an 15 qofa maqaa dhahuun, akkanuma kana hundaa silaaydoota muraasa qofa irratti muldhisuun Rabbiin nama kanaaf keewwata 6000+ ta'uun kan hime dubbii ijoo waliin gahuun ni danda'ama.

## Odeeffannoowwan Dhiheenya Kana Argaman

Nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) Macaafa Qulqulluu afaan Hibruu keessatti Macaafa Weedduu Weedduu Caalu boqonnaa 5 lakkoofsa 16 irratti maqaan tuqamee jira:

***"HikkoMamittakim we kullo Muhammadim ZehdoodehwaZehraeeBayna Jerusalem."***

*"Afaan isaa dhungannaatti baay'ee miyaa'aa dha, inni karaa hundaa nama in marara; yaa intaloota*

*Yerusaalem kunoo isa kana michuun koo, isa kana firri koo." (Macaafa Weedduu Weedduu Caalu 5:16)*

Lugaa Ibraayisxii keessatti 'im' kan dabalamu kabajaaf. Haala walfakkaataa ta'een maqaa nabi Muhammaad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) tiin booda 'Muhammadim' godhuuf 'im' itti dabalamee jira. Hiikkaa afaan Ingiliffaatiin immoo isaan maqaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) 'altogether lovely' kan jedhuun hiikanii jiru. Garuu Kakuu Moofaa lugaa Ibraayisxii keessatti maqaan nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) hanga ammaallee ni jira. (Akka ibsa D/r Zaakir Naayik)

Qondaaltootni Turkii inni umrii 1500 akka qabu yaaddamu Mafaafni Qulqulluun moofaa ta'e dhoksaan osoo ashuraa hin kafalin kashalabboota galchan harkaa erga qabeen booda akka haala dansaa irratti argamu mirkaneessanii jiru. Macaafni Qulqulluun moofaan lugaa Araamaaykitiin barreeffame kun Yesus (Alayhis Salaam) isaa booda kan dhufu waa'ee nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) raajiiwwan inni dubbate of keessatti qabatee jira.

Old bible predicting Mohammed now in video! | News | MSN Arabia

News Business Entertainment More Life style Technology Autos Sports Home > News Old bible predicting Mohammed now in video! Released on - Wednesday, 29 February, 2012 -17:28 Written by Mohamed Gabal. Turkish authorities have assured that the old bible thought to be 1,500 years old is being kept safe after being seized from a gang of smugglers. The following video broadcasted by international news channel Euro news shows the Aramaic-language old bible containing Jesus prediction of Mohammed (Peace be upon Him)

coming after him. In Pictures, old Bible predicting Mohammed Watch the video: Most recent news Home News Business Entertainment Lifestyle Technology Autos Back to PC version © 2012 OTVENTURES | Hosted by LINK Datacenter

*"Nuti mallattoowwan keenya yunivarsii keessaa fi lubbuu isaanii keessattis isaan agarsiifna; hanga dhugaa ta'uun isaa isaanif ifa galutti. Sila Gooftaan kee hin ga'uu akka Inni waan hunda irratti ragaa ta'e (mirkaneessuu keessatti)?" (Al-Qur'aan 41:53)*

Egaa al tokko Macaafa Qulqulluu keessatti erga ibsa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) hubanneen booda ergaa inni ittiin ergame fudhachuu qabna. Inni kan ergame ilmaan namaa maraaf akka fakkeenyaa ti. Qur'aana kabajamaa keessaa keewwattoonni armaan gaditti argaman ergamiinsa isaanii akkaataa taa'umsa ifa bahaa ta'een haala mataa isaa ibsuun lafa kaayu:

*"Yaa nabiyyicha! Nuti ragaa, gooharsaa fi akeekkachiisaa goonee si ergine. Hayyama Isaatinis gara Rabbiitti waamicha godhaa fi maddaa ifaa ibsuu (goonee si ergine). Kanaaf mu'uminoota gooharsi; akka Rabbiin biraa dilbiin guddaan isaanif kennamu (ibsuun)." (Al-Qur'aan 33:45-47)*

Macaafa Qulqulluu amma jiru keessatti yaada walfakkaataa ni argina. Kunis kan Yesusin (Alayhis Salaam) himamee fi nama isaa booda dhufu yommuu dursee raage san kan dubbatee dha. Egaa namni kun shakkii tokko malee "Muhammad" dha.

*"Dhuguman isinitti hima, yoon adeeme isiniif wayya; yoon adeemuu dhaa baadhe inni isiniif dubbatu gara keessan hin dhufu; ani yoon dhaqe garuu isa isiniifan erga. Inni yommuu dhufu waa'ee cubbuu, waa'ee qajeelummaa, waa'ee firdiis, biyya lafaa in hubachiisa. Isaan waan anatti hin amanneef, cubbuu isaanii in argisiisa. Ani gara abbaa dhaquu kootiin isinis na arguu dhabuudhaan qajeelumma koo in argisiisa. Isa biyya lafaa kana abbboomutti faradamuu isaatiin, firdii in argisiisa. Ani waan baay'ee kanan isinitti himu illee qaba, ammaaf garuu baachuu hin dandeessan. Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa; inni waan dhaga'u dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu; waan dhufuuf jirus isinitti in mul'isa. Dubbii koo keessaa fuudhee waan isinitti mul'isuuf, inni anaaf ulfina in kenna." (Wangeela Yohannis 16:7-14)*

Haala nama dinqisiisuun keewwattoonni Qur'aanaati fi keewwattoonni Macaafa Qulquluu kunniin raajiin Yesus Kiristos bifa shakkii hin qabneen raawwatamuu isaa agarsiisu. Egaa carraa kanaan ragaa mataa isaanii qabuun kiristaanoota irratti dirqama bu'uraa ta'a. Akka walqunnamtiin hafuuraa nabiyyoota gurguddaa lamaan Rabbii (nageenyaa fi mararfannaan lachuu irra haa jiraatu) jidduu jiru barachuuf fedhii agarsiisuu qabu.

Akka yaadannoo ariititti, jecha Arabiffaa "Muhammad" jedhu hiikkaawwan "isa kabajamaa" ykn "isa faarfamaa" ykn "isa baldhinaan jaallatamaa" jedhu bakka bu'a. Nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) addunyaa irratti "Muhammad" jedhamanii waamamuun nama jalqabaa turan.

Armaan gaditti Yesus (Alayhis Salaam) Wangeela Yohannis kan har'aa keessatti nabiyyicha nama ta'e kana, isaa dhufaatii isaatiif raajiin dubbateef san akkamitti akka waame kan ilaallu ta'a. "Isa kabajamaa" Yesus (Alayhis Salaam) Macaafa Qulqulluu lugaa Girkii keessatti jecha Girkii "Parakilitos" jedhu fayyadamee jira. Kunillee isaa jaalatamaa ykn isa faarfamaa jechuu dha. Nabiyyicha raajiin himameef isaa uumama namaa ta'e san "Parakilitos" jedhee waamee jira. Jechi kun Arabiffaan jecha "Muhammad" jedhu wajjiin sirritti walitti gala. Hiikkaan isaatis "isa jaalatamaa" ykn "isa faarfamaa" jechuu mul'isa. Haasawa birootiin "Parakilitos" Girkiin "Muhammad" ta'a.

(Madda: www.Answering-Christianity.com)

Yaada koo kan xumuraa keewwata Qur'aanaa kan armaan gaditti jiruun, isa Yesus (Alayhis Salaam) akkamitti isa booda dhufiinsa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) maqaa isaanii kan lammaffaa "Ahmad" kan jedhuun kan ibsu ta'een xumuruu jaalladha:

*"Akkasumas, yeroo Iisaa Ibni Maryam 'yaa Banii Israa'iil! Ani Ergamaa Rabbii kan akka waan Tawraatin keessatti na dura bu'e dhugo'oomsu fi akka ergamaa na booda dhufu kan maqaan isaa Ahmad ta'een (isin) gammachiisu gara keessan ergame" jedhe (yaadadhaa). Garuu yeroo inni ragaawwan ifa ta'an qabatee isaanitti dhufu 'kun sihrii (raaga) ifa bahaa dha' jedhan." (Al-Qur'aan 61:6)*

Fakkeenyi sochii kiristaanaati fi islaamaa akkuma fakkeenya atleetota lamaa ti; osoo kan lammaffaa fiiguu hin eegalin dura kan tokkoffaa dursee fageenya km 600 waliin

gahuullee, garuu xumura irratti kan lammaffaa milikaayaa ta'e. Warrootni kitaabaa ibsoota nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) dhoksuuf hammuma barbaadan carraaqqii godhanis, islaamni, amantaan inni akka zamana kiristaanaatti waggoota 600 booda ittiin ergame addunyaa har'aa irratti amantaa ol'aanaa ta'ee jira. Kanas keewwata Qur'aanaa armaan gadii irraa mirkaneessuu ni danda'ama:

*“Inni (Rabbiin) Isa ergamaa Isaa (nabi Muhammadiin-SAW) qajeelfamaa (Qur'aana) fi "diinii" haqaatin (Islaaman) ergee odoo "mushrikoonni" jibbanuu amantiiwwan biraa hunda irratti ol-aantummaa akka argatu godhe.” (Al-Qur'aan 61:9)*

*“Sobni marsaa addunyaa karaa walakkaa adeemuu ni dandeetti, garuu osoo dhugaan kophee ishee hin kaawwatiin.” (Maark Weyn. Oxford Dictionary of Proverbs)*

Haa ta'u malee, yommuu waytiin ishee dhufe dhugaan soba ni injifatti. Kunillee har'a sadarkaa addunyaa irratti guddina amantaa kiristaanaati fi islaamaa yoo walbira qabne fakkeenyi guddaa ta'uu ni danda'a. Egaa, kanaaf kan booyyisa “Islam Phobia” (islaamaaf jibbansa jaamaa isa sababa hin qabne) jedhamuun kan nu hiffachiisan.

*“Lakkisaa; Nuti dhugaa (Qur'aana) kijiba (kufrii) irratti (akka ol ta'u) buufna. Kanaaf inni isa (kufrii) balleessa. Yeroo san inni (kijibni) dhabamaa ta'a. Isinis waan (kijiba Rabbiin irratti) odeessitaniif badiitu isiniif jira.” (Al-Qur'aan 21:18)*

## Yaada Xumuraa

Hanga ammaa raajiiwwan Macaafa Qulqulluu akkamitti nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ilmaan namaa maraaf ergamaa xumuraa ta'uu isaa dhugaan akka mirkaneessan gad fageenyaan irratti dubbannee jirra. Carraaqqiin godhame dhimmonni akaakuu kanaa, isaannan isaan beekaa ykn osoo hin beekin kitaaba isaanii keessatti osoo hin xinxallin hafan dhimmonni dhugaa jiraachuu isaanii gara xiyyeffannoo kiristaanootaa fiduu dha.

Kan Yahuudootaa tanaan dura kan hundeeffame jechuunis yommuu inni dhufu amantii isa kijibsiisuuf qophii qabaataa turanii fi aadaan kiristaanaa addunyaa irratti ol'aanaa ta'uu isaatiin, akka namoonni dhugaa hin fudhannee fi didiinsa isaaniitiin akka itti fufan wantoota godhan keessaa kunniin sababoota muraasa isaannan hangaftoota ta'anii dha. Gara seenaa islaamaa as deebinee yoo ilaallu lachuu Yahuudaa fi kiristaana keessaa namoonni gara islaamaa deebi'an ni jiru. Isaan kunniin islaamummaa kan fudhataniif inni isa Kakuu Moofaa fi Wangeelaan dubbatameef malee kan biroo akka hin ta'in yommuu hubatan ture. Isaannan roga addunyaa hundumaa irraa namoota islaamummaa fudhataan jiraniifillee wanti walfakkaataan dhugaa dha, isaaniillee dhugaawwan akaakuu kanniinii Macaafa Qulqulluu keessatti beekuu isaaniitiin.

*"Sila beektonni ilmaan Israa'iil (kan akka Abdallaah ibni Salaam dhugaa ta'uu) isaa beekun isaanii mallattoo isaanif ta'uu hin danda'uu?" (Al-Qur'aan 26:197)*

"Dhugaan, tarii immoo yeroo xinnoof nama miidhuu ni dandeetti, sobni garuu kan nama miitu yeroo hundaaf."

“Maarree, dhugaa fudhadhaa!!”

*“Isaan ergamaa, nabiyyii hin barreessinee fi hin dubbifne (nabi Muhammadiin-SAW) isa isaan biratti, Tawraati fi Injiilin keessatti isa argan, kan toltutti isaan ajajuu fi hamtuu irraa isaan dhoorgu, kan wantoota gaggaari fi hayyamamaa ta’an halaala isaanif taasisu, kan wantoota fokkataa ta’an haraama isaan irratti taasisu, kan ba’aa ulfaataa (waadaa Rabbii kan Israa’iloota waliin seenanii) fi waanjoo (gabrummaa) kan isaan irra ture isaan irraa lafa kaayu. Kanaaf isaan isatti (Muhammaditti) amanan, kan isa kabajan, kan isa gargaaran, kan ifnana (nuura) isa waliin bu’e hordofan, sunniin isaantu warreen milkaaye.” (Al-Qur’aan 7:157)*

Allaahaan (Subhaanahu Wata’aalaa) nabiyyicha Isaa jaalatamaa ykn filatamaa amaloota isaa isaannan Kakuu Moofaa fi Wangeelaan barreffaman yommuu Qur’aana keessatti tuqu nuti argachuu akka dandeenyu sirritti beeka. Hawaasni muslimaa dhaloonni durii kitaabni dhugaa kan Qur’aana caalu kan biroo akka hin jirre tilmamaa fi amantii guddaa waan qabaniif dhufiinsi nabiyyii isaanii Macaafa Qulqulluu keessatti bakka tokko irratti akka tuqame shakkii homaatuu hin qabanii ture – kitaaba kanaan haa ta’uu ykn kitaaba kaaniin, kitaabicha irraa fuula kanaan haa ta’uu ykn fuula kaaniin sun rakkina isaanii hin turre. Osoo amantii isaanii cimaaf ta’uu baatee isaan abboota kitaabaa wajjiin lola haasawaa dhabamsiisuuf keewwattoota eertoota akaakuu kanniinii Qur’aana keessaa ni haquu/balleessuu ture; sababni isaatis iddoo irratti namoonni akka Sheekh Ahmad Diidaat wanta hin turiniif isaan fakkeenyaaf Seera Keessa Deebii 18:18 ykn Raajicha Isaayaas 42, fi kkf jedhanii tuquu hin danda’anii ture.

Islaamaa fi kiristaana giddutti guddinni qorannoo fi qo'annaa, gara Arabiffaa hiikkamuu Macaafa Qulqulluu, mareewwan muslimootaa fi kiristaanota giddutti godhaman, amma akka mul'atutti warri kiristaanaa gara islaamaa deebi'uun, keessattuu isaannan beekkumsa Macaafa Qulqulluu sirritti qaban lakkoofsi deebi'ootaa dabaluun, kunniin dhugaa warri kitaabaa dhoksan/kijibsiisan san dhiheenya kana saaxila baasanii jiru. Dhaloota kanaa fi kan dhufuuf, daandiin isaa haxaayamuu isaatiin raajiiwwan waa'ee nabiyyicha islaamaa himaman hiikuuf joonja'insi homaatuu hin jirtaatu.

Egaa raajiin kitaaba kana keessatti ibsame kamiiyyuu gama namummaa/eenyummaa nabi Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) ibsuutiin Qur'aanaa fi Hadiisa irraa deeggarsa cimaa qaba. Walitti galiinsi kun akkanuma carraan kan ta'ee miti. Garuu kun karoora baasaan dursee kan tolfame/bocame, Isa ergamtoota isa dura jiran hundaa kan ergee fi isaaniillee waa'ee ergamaa xumuraa, waa'ee isa ilmaan namaa hundaaf akka mararfannaa ta'ee sanyii Ismaa'eel keessaa kan dhufu ta'ee, waa'ee isaa akka ummattota ofii barsiisan murteessee jira.

Isinillee dhugaawwan dhihaatan yoo hubattanii fi dhugicha yoo fudhattan, kun isin irra caalaa kan kakkaasu ykn akka mindaa keessanitti akka ta'uuf jecha abdii Gooftaa keessan irraa waadaa isiniif seenamee dha:

*"Ammas odoo isaan Tawraatitti, Injiilittii fi waan (qur'aana amma) Gooftaa isaanii irraa gara isaanitti bu'etti hojjatanii, silaa gubbaa isaanitii fi miila isaanii jalaa nyaatu turan. Isaan irraa ummata karaa qajeelaa irra jirantu jira. Garuu irra baay'en isaanii wanti isaan dalagan fokkataa dha." (Al-Qur'aan 5:66)*

Yoo ta'uu baate tarii isin kitaaba keessan keessatti, gabrichaa Allaaha isa tuqame san akka fudhattan kan isin affeeru, ykn isa nabiyyicha hin baratanii fi hin dubbifne san, isa isin kitaaba keessan keessatti barreeffamee argitan san osoo hin xinxallin yoo haftan bu'aan isin irratti hordofsiisu akkanuma Qur'aanaanis akka armaan gaditti tuqamee jira:

*"Ammas nama Islaaman ala amantii biraa barbaade, inni isarraa hin fuudhamu. Ammas inni aalama dhufutti warreen hoonga'an irraa ta'a." (Al-Qur'aan 3:85)*

*"Isin warri duudaan dhaga'aa! Isin warri jaamaanis argaa" (Macaafa Isaayaas Raajichaa 42:18)*

*"Egaa eenyu illee dubbii koo isa inni maqaa kootiin dubbatu kana dhaga'uu yoo dide, gatii isaa in argata." (Seera Keessa Deebii 18:19)*

Allaahaan (Subhaanahu Wata'aalaa), Rabbiin ol'aanaan, warra kitaabaa irratti itti gaafatamummaa ergamaa Isaa kan xumuraa ibsuu, akka kitaaba isaanii keessatti eeganii fi ilmaan namaatifillee ifa akka godhan beekaa itti gaafatamummaa guddaa isaan baachisee jira.

*"Ammas yeroo Rabbiin warreen kitaabni kennameef (ummata yahuuda fi kiristaanaa) irraa waadaa qabate (yaadadhu): "dhugumatti namootaf isa addeessitu; ammas isa hin dhoksitan" (jedheen). Garuu isaan duuyda duuba isaanitti isa darban; ammas gatii xiqqatti isa gurguratan. Kanaafuu waa fokkate wanti isaan bitatan!" (Al-Qur'aan 3:187)*

Egaa, Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wassallam) isa kana, ilmaan namaa hundaaf nabiyyii mararfannaati fi fayyinnaa kan ta'an, isa daandiin isaa gulantaa duraatiin irratti baacame, gulantaa lammaffaa irratti haala hamaan waraanni irratti baname, garuu gulantaa sadaffaa irratti matuma isaa ragaa gahaa ta'ee arguun fudhatame. Haa ta'u malee, baay'inni namaa kana hin beeku. Kun hundi ta'ee bakka jirutti muslimoonni isaan ni kabaju, isaaniif ni ajajamu, garuu seerotaa fi danboota isaan barsiisan hojii irra oolchuun alatti isaan gonkumaa gara sadarkaa waaqaffannaa ol hin fuune.

Kanaafuu, bu'urri amantii keenyaa Allaaha (Subhaanahu Wata'aalaa) tiin alatti haqaan gabbaramuu kan qabu qaamni biroo gonkumaa akka hin jirree fi Muhammadillee (Sallallaahu Alayhi Wasallam) gabrichaa fi ergamaa Isaa ta'uu ragaa bahuu dha.

## Raawwatame

## Kitaabota Wabii


1. Muhammad (Sallallaahu Alayhi Wasallam) Ergamaa Allaaha, Abdur-Rahmaan Ash-Shehaa, 2005 A.L.A
2. Macaafni Qulqulluun Waa'ee Muhammad Maal Jedha? Sheekh Ahmad Diidaat
3. Salaataa fi Wuduu'a Nabiyyichaa www.islamhouse.com
4. Muhammad, Ilmaan Namaa Maraaf Nabiyyicha Waaqayyoo, Muhammad El Haj MahmuudXaalib, 2006 A.L.A
5. Ergaa Yesus Kiristos Kan Dhugaa, D/r Bilaal Philiphis
6. Muhammad, Akkuma Waan Argituutti, A'id al-Qarnii, 2008 A.L.A
7. Nabiyyummaan Muhammad Dhugaa Moo Oduu Duriiti, Abdur-Radii Muhammad Abdul Muhsiin, 2006 A.L.A
8. Fannoo fi Addessa, Jeraald Ef. Dirkis, 2008 A.L.A
9. Haasawoota Sammuu Qoratuuf, Imti'aas Ahmad, 2000 A.L.A
10. Amantaa Guddina Irra Jiru, Islaama Bar Kumee Sadaffaatti, Muraad Wilfiriid Hofmaan, 2001
11. Islaamaa fi Addunyaa, Abdul Hasan Alii Nadwii, 2006
12. Nabi Muhammad, Ilmaan Namaatiif Eebba, Mana Maxxansa Islaamummaa Sadarkaa Addunyaa, 2004
13. Muhammad Macaafa Qulqulluu Keessatti, D/r Jamaal Badawii
14. Qur'aana Kabajamaa, Hiikkaa Afaan Oromoo, Muhammad Xiyo
15. Sahiih Al-Bukhaarii, Hiikkaa Ingiliffaa